

Ikoo Turizimii Wancii-Dandii pirojektii sadarkaa biyyaatti fakkeenyummaan eeramu



Ripportata Gaazexichaatiin

Finfinnee: Wanci yeroo hunda kenna qulqulluu uumamaa taatee turteetti. Eebba uumamaa ajaa'ibaa fudhachuun, kunuunsuufi dagaagsuun hojii dhala namaarraa eegamuudha jechuun Ministirri Muummee Abiyyi Ahmad (PhD) ibsan.

Doktar Abiyyi ibsa karaa miidiyaa hawaasaasaanii kennaniin adeemsa Mandara Ikoo Turizimii Wancii-Dandii misoomsuu marsaa ijaarsaa keessatti lammiilee kuma saddeetii hanga kuma 12 ta'aniif carraan hojii uumameera jedhan.

Gara fuula 13tti




“Argamuun hulaa galaanaa yaaddoo waraanaa ture dhabamsiiseera”

- Doktor Saamu'el Tafarraa

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Dabni Koloneeffattoonni Awurooppaa dogoggora keessootti ida'amee biyyi yeroo tokko hulaa galaanaa cimaan beekamtu Itoophiyaa waggoota 30 oliif ol galtee akka teessu dirqisiiseera. Biyyi hanga Baha Fagootti darbees qarqara Awurooppaatti daldala galaanarraan maqaa gaarii horatte galaanaan wal arguunuu abjuu ta'usaatiin seenaafi dhalootni wal gaafachuu eegalan.

Ministirri Muummee Itoophiyaa Doktor Abiyyi Ahmad diinummaa Itoophiyaafi Eertiraa gidduu ture furuuf gahee leencaa taphachuun jaalalaan akka goolabamu taasisaniiru. Gaaffii dhalootaa deebisuufis qajeeltoo kennanii fudhachuun hulaan

Gara fuula 13tti



Agarsiisa seenaa dippiloomaasii yaadachuuf qophaa'e

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Biyyi hundeeffama mootummaa bara dheeraa lakkoofsiste Itoophiyaan nageenya addunyaatiif, bilisummaafi kabaja dhala namaatiif rakkoolee biyyoota garagaraa mudatu furuuf hojjechaa turteetti; ammas hojjechuurratti argamti.

Itoophiyaan bara 1943 yeroo biyyi Kooriyaa waraana keessa turtetti ergama Mootummoota Gamtoomanii galmaan gahuun loltuu kuma jahaa ol erguun biyyichi akka tasgabbaa'uuf gahee olaanaa taphachuun ergamicha galmaan geesseetti. Dhiyeenyuma kanas bara 2007 dhukkubni Ivoollaa yeroo Lammiilee Seraaliyoon lafarraa fixaa turetti ogeessota fayyaa erguun dhukkubicha to'achuu keessatti hirmaattee jirti.


Gara fuula 13tti



Addee Saahilawargi Zawudee



Obbo Dammaqaa Mokonnii



Hirmaattota marichaa

Dippiloomaasii Itoophiyaa bu'aa ce'ii dandamatee milkaa'ina gonfate

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Bara qarooma Aksum kan eegalame hariiroon dippiloomaasii Itoophiyaa bu'aa ce'ii hedduu keessa darbee har'a ga'eera. Imala kana keessattis aariifi

gaariin, kufuufi ka'uun tureera.

Torbeen dippiloomaasii mata duree “Dippiloomaasii keenya faayidaa biyyaaleessaa keenyaaf” jedhuun

Gara fuula 13tti

ODUU

Lammiileen miliyoona 71 ol tajaajila bishaan dhugaatii qulqulluu argatan

Gammachuu Kadiriin

Adaamaa: Lammiileen miliyoona 71 ol ta'an tajaajila bishaan dhugaatii qulqulluu argachuu Ministeerri Bishaaniifi Inarjii ibse.

Ministeerichi qooda fudhattoota waliin qorannoo raawwii hojii dhaabbata 'Water 4 life + Project' irratti magaalaa Adaamaatti kaleessa mari'ateera.

Ministirri Bishaaniifi Inarjii Doktor Injinar Habtaamuu Ittafaa maricharratti argamuun haasawaa taasisaniin, mootummaan tajaajila bishaan dhugaatii qulqulluu lammiilee biraan ga'uuf humna qabu hundaa duguugee hojjechaa jiraachuu ibsanii, hojii hanga ammaatti hojjetameen lammileen biyyattii miliyoona 71 ol ta'an tajaajila bishaan dhugaatii qulqulluu argachuu dubbataniiru. Tajaajilli inarjii ammoo %51 irra ga 'uu ibsaniiru.

Akka ibsasaanitti, tajaajila bishaanii lammiilee hunda qaqqabsiisuuf qindoomina qaamolee hundaa kan gaafatu ta'uusaatiin ministeeroota barnootaa, fayyaa, maallaqaafi dhaabbilee tola ooltota waliin hojii bal'aan hojjetamaa jiraachuu himanii,



Hirmaattoota marichaa keessaa

hojii 'water 4 life+ project'fi 'Children investment fund' waliin hojjetamaa jiru akka agarsiiftuutti kaasanii.

Gargaarsi dhaabbilee tola ooltotaan taasifamus akka hawaasa bira ga'ee bu'aa qabatamaa argamsiisuuf pirojekitiin ittifufiinsa qabaachuu akka qabu kaasanii,

kanaafis qindoominni dhaabbilee Ministeera Bishaaniif inarjii waliin hojjetanii murteessaadha jedhaniiru. 'Water 4 life + project' hojii lammiileef tajaajila bishaan dhugaatii, barnootaafi fayyaa fooyya'aa dhiyeessuuf kan hojjetu ta'uu himaniiru.

Gorsaan Ministirichaa Obbo Abarraa

Andashaa gamasaaniin dhaabbatni 'water 4 life + project' waggaa shan keessatti lammilee miliyoona 1.6 fayyadamtoota tajaajila bishaan dhugaatii taasisuuf hojjiiti seenuu himanii, ta'us hojiin pirojektichaan hojjetamee qulqullina dhabuun walqabatee

Gara fuula 14tti



Omisha qamadii bonaa callaa baay'etu abdatamaa jira

Omisha qamadii bonaatiin callaa kuntaala miliyoona 105.8 argachuuf hojjetamaa jira

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Lafa hektaara miliyoona 2.7 sanyii qamadii bonaatiin uwwisuun callaa kuntaala miliyoona 105.8 argachuuf hojjetamaa jiraachuu Biiron Qonna Oromiyaa beeksise.

Biirichatti Qindeessaan Inisheetiivii Misooma Qamadii Bonaa Obbo Xahaa Muummee Kamisa darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf akka ibsanitti, qonni qamadii bonaa baranaa muuxannoo qonnaa baroota darbanii bu'uura godhachuudhaan dafee eegalameera.

Ademsa keessa rakkoo wayita sassaabiifi hanqina bishaanii qaqqabu hambisuuf sanyiin dafee akka faca'u ta'uu eeranii, kunis sassaabiin omishaa waqtiilee roobaa arfaasaafi gannaan walirraa akka hinoolle

akka taasisu himu. Qamadiin bonaa lafa duwwaa jirurratti dafee akka faca'u taasisuuf ji'a Hagayyarraa eegalee lafa midhaan irra hinfacaanetti qophiin lafaa dafee eegaluu hojii bal'aan hojjetamuu ibsu.

Yeroo facaasaa sanyii qamadii bonaa sirrateen qamadiin yeroo adda addaa waan faca'uuf wayita sassaabamu jiidha bishaan jiru gara oyiruu biraatti dabarsuun hanqina bishaan waqtii bonaa mudatu hambisaa jiraachuu kaasanii, kana qofa osoo hintaane, bara kanatti bishaan boollaa baayyeen qophaa'uufi dabalataanis yaa'aa laga Awaashiin (Bacho play) walqabatee lafa ganna bishaanni irra ciisaa ba'e qamadii bonaaf oolchuun muuxannoo gaarii ta'ee hojiirra oolaa jira jedhaniiru.

Ittifayyadamni maashinariin naannichaa

Gara fuula 14tti

Amajjii 11 hanga 20tti rooba salphaa hanga giddugaleessaatu eegama

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Amajjii 11 hanga 20 bara 2016tti roobni salphaa hanga giddugaleessaa kutaalee biyyattii gara garaatti roobuu akka danda'u Inistitiyuutiin Metiworoloojii Itoophiyaa beeksise.

Inistitiyutichatti Raawwachiisaa Olaanaan Raaga Haala Qilleensaafi Dursanii Akeekkachiisuu Doktor Asaamminoo Tashoomee Roobii darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf akka ibsanitti, Amajjii 11 hanga 20tti godinaalee Oromiyaa Gujii Lixaa, Arsiifi Arsi Lixaa, Boorana, Naannolee Sidaamaa, Itoophiyaa Kibbaa, Itoophiyaa Kibba Lixaafi Giddugaleessaa rooba salphaa hanga giddugaleessaa argachuu danda'u.

Naannoon Affaar, Tigraay Bahaafi Kibbaa, Giddugalli Naannoo Amaaraa, Gondar Kaabaafi Kibbaa, Walloo Kaabaafi Kibbaa, Gojjam Bahaafi Lixaa, Godina Awwii, Shawaa Kaabaa akkasumas Naannoo Oromiyaatti Buunoo Baddallee, Iluu Abbaaboor, Jimma, Wallagga Bahaafi Lixaa, Shawaa Kaabaa, Shawaa Lixaafi Bahaa, Baalee akkasumas Finfinneen rooba waqtiisaa hineegne salphaa hanga giddugaleessaa argachuu danda'u.

Amajjii 11 hanga 20 gidduutti haaluma walfakkaatuun hemisfeera Kaabaa Saayibeeriyaatti kan uumamu dhiibbaa qilleensaa guddaarraa kan ka'e qilleensi gogaafi diilalla'aan gara Itoophiyaatti qilleensa'u, Itoophiyaa Kaabaa, Kaaba Bahaafi Giddugaleessaatti diilalla uuma.

Kana malees, kutaalee biyyattii kaabaa, kaaba bahaa, baha, giddugaleessaa, naannawa baddaa kibbaatti qorri halkaniifi barii (obboroo) kan cimuu ta'a. Gama biraan kutaalee biyyattii kibba lixaaafi kibba bahaatti darbee darbee bakkeewwan muraasatti roobni xiqqaan akka eegamus ibsaniiru.



Qilleensa gogaa, aduufi qilleensa'uun haala qilleensaa kutaalee biyyattii bahaa, kibba, kibba bahaa, kaaba lixaaafi lixaa akka ittifufuuf odeeffannoon raaga haala qilleensaa lakkoofsaan sassaabame mul'isuu eeranii, haalota waqtii ammaa mul'atanirraa ka'uun hojii qonnaarratti dhiibbaan hanga tokko akka uumamuufi maddi lageenii garuu kan gabbatan ta'uu himaniiru.

Haaluma kanaan, kutaalee biyyattitti rooba marsaa lammaffaa waqtii bonaa argatan kibbaa, kibba bahaafi kibba dhihaa jiidha salphaa hanga giddugaleessaa argachuu danda'u. Jiidhi argamus biqiloota dhaabbataniifi midhaan yeroo kana facaafamuuf shoora olaanaa qaba jedhan.

Horsiisee bultootni akka bishaan ga'aa argataniif haala mijataa uuma kan jedhan Doktor Asaamminoon, roobni Itoophiyaa giddugaleessaa, kaabaafi kaaba bahaatti uumamu naannawa qonnaa arfaasaa dursanii eegalaniif oyiruu dafanii akka qopheeffataniif gumaacha olaanaa akka qabu ibsaniiru.

Naannawa burqaawwan lageenii itti argaman kanneen akka Laga Abbayyaa gara oliifi giddugaleessaa, Sulula qiinxamaa, Oomoo, Gibee, Baaroo gara oliifi Akooboo, Gannaaleefi Waabii Shabalee, Awaash gara olii muraasniifi yaa'a Lageen Danaakil (Affaar) hanga tokko qilleensa jiidhaa ni qabaatu.

Ijoo Dubbii

Dippilomaasiin keenya faayidaa biyyaaleessaa keenyaaf!

Itoophiyaan biyya hariiroo dippilomaasiitiin bu'aa ba'iiwwan hedduu ceete yoo ta'u, kanaanis muuxannoo waggoota dheeraa kan qabduu, birmadummaashee barootaaf eegsisfee kan jiraateefi hundeesituu dhaabbilee idil addunyaa hedduu taateetti.

Imaammanni dhimma alaa biyyootaa ibsama keessoosaanii yoo ta'u, faayidaan biyyaaleessaa isaanii eegamee baroota akka ce'uuf xiyyeeffannaadhaan irratti hojjetu. Itoophiyaanis faayidaan biyyaaleessaashee akka eegamuuf gaggeessitootarraa kaasee hanga dippilomaatootaatti yaalii olaanaa taasisaniiru.

Hojiilee gama dippilomaasiitiin waggoota 116n darban hojjetaman ilaalchisuun Ministeerri Dhimma Alaa agarsiisa guyyoota 22f turu Kamisa dheengaddaa Godambaa Saayinsiitti mata duree "Dippilomaasiin keenya faayidaa biyyaaleessaa keenyaaf" jedhuun kan qopheessee yoo ta'u, Pirezdaantiin RFDI Saahilawarqi Zawudee agarsiisicha bananiiru; saganticharrattis ambaasaaddaroonni, dippilomaatonnaifi anga'oonni olaanoo sadarkaarra jiran argamaniiru.

Waggoota darban keessa milkaa'inoonni dippilomaasii Itoophiyaa maqaa gaariin waamsisan galmaa'uusaaniifi boris kana caalaatti raawwachuuf rakkoolee mudatan hiikuuf wajjumaan dhaabbachuu akka barbaachisu kaasu.

Ministirri Muummee Ittaanaafi Ministirri Dhimma Alaa Itoophiyaa Obbo Dammaqaa Mokonnin gamasaaniin, agarsiisni dippilomaasii kun seenaa dippilomaasii Itoophiyaa yaadachuuf, yeroo ammaa himuuf, kallattii egeree agarsiisuuf kan qophaa'e ta'uu ibsu.

Seenaa dheeraa dippilomaasii Itoophiyaa keessatti faayidaa biyyaaleessaa eegsisuuf hariiroon dippilomaasii biyyoota hedduu tokkummaa qabu barbaachisaa ta'uu himu. Seenaa irraa akkuma hubatamu qaamotni biyyattii haala gaariin hinilaalle kan jiran yoo ta'u, tokkummaa Itoophiyaa eegsisuuf cimani dhaabbachuu akka barbaachisus ni kaasu.

Itoophiyaan biyya cimtuu ummata cimaa qabdu ta'uu ibsanii, dhiibbaa addunyaa dandamachuuf tokkummaan keessoo cimaa itti fufuu akka qabu hubachiisu.

Dippilomaasiifi hariiroon alaa cimaa, ciminaafi tokkummaa keessoof bu'ura ta'uusaatiin rakkoo keessoo mariin hiikuun barbaachisaa ta'uu himanii, yeroo dhiyoo asitti dhiibbaawwan baay'ee dandamachuun kan danda'ame tokkummaa ummataatiin ta'uufi faayidaa biyyaaleessaa waaraan kabachiisuuf tokkummaan dhaabbachuun akka barbaachisu eeru.

Dippilomaasiin biyyattii simoota garagaraa keessatti aarsaan cimaa itti kanfalamee as gahe kunis dhaloota dhufu biratti sirriitti hubatamuufi kunuunfamuu kan qabu yoo ta'u, kunis agarsiisa suuraarra darbee dhimma xiyyeeffannaan irratti hojjetamuu maluudha.

Bu'aa dippilomaasii har'arratti argame ifaajjii namoota hedduutiin kan argame ta'uunsaa hubatamee isa hojjetee darbeef galata, isa hojjetaa jiruuf jajjabeessa, isa dhufuu ammoo imaanaa ta'ee akkaataa faayidaa biyyaaleessaa biyyattii cimsuutti irratti hojjetamuu qaba.

Kanarratti addaddummaan siyaasaa, amantii, sanyii ilaalchaa osoo iddoo hinqabaatiin miira "biyyakoof anatu jiraadhaan" hunduu ambaasaaddara biyyasaa ta'ee hariiroo biyyoota kaan waliin qabnurratti cichee hojjechuu qaba. Addababa'iiwwan biyyooleessaa argamanirrattis tokkummaan hariiroo biyyattiin biyyoota kaan waliin qabdu akka cimuuuf hojjechuun dirqama nama hundaati.

Yaada

Imala waggoota 116 Ministeera Dhimma Alaa

Saamraawit Girmaatiin

Ministeerri Dhimma Alaa Rippablika Demokraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa (RFDI) waggoota 116 dura, Onkololeessa 4 bara 1900 akka hundaa'ee seenaan ni ibsa. Isa dura hojiin dippilomaasii biyya karaawwan dinagdee, amantii, daldalaafi kanneen birootiin raawwatamaa tureera.

Ministeerichis erga haala gurmaa'een hundaa'ee kaasee imala jaarraa tokkoo oliif taasisaa ture bifa egzibishiniifi baazaariitiin Godambaa Saayinsiitti torbee dippilomaasii jechuun moggaasuun dheengadda sirna ho'aadhaan Pirezdaantiin RFDI Saahilawarqi Zawudeetiin banameera.

Kaayyoo agarsiisichaa ilaalchisuun Ministirri Muummee Ittaanaafi Ministirri Ministeera Dhimma Alaa Dammaqaa Mokonnin gaafdeebii Dhaabbata Pireesii Itoophiyaa waliin taasisaniin akka jedhanitti, kaayyoo guddaan Torbee Dippilomaasii kanaa dhimmoota ijoo sadiirratti kan xiyyeeffatedha. Inni jalqabaa, Ministeerri Dhimma Alaa akka dhaabbataatti erga gurmaa'ee waggoota 116 lakkoofsiseera. Kanaaf imalli dippilomaasii waggoota darbanii baroota hunda keessatti ashaaraa kaa'eera.

Lammaffaa, gama dippilomaasiitiin haalli keenya yeroo ammaa maal fakkaata? Carraawwan jiran maali? Rakkoowwan akkamiitu jira? Dantaa ummataa kabachiisuuf maaltu taasifamuu qaba? Isa jedhu ilaaluun barbaachisaa waan ta'eef qophaa'uu himu.

Inni sadaffaan sagantaa Torbee Dippilomaasii, dippilomaasii egereerratti xiyyeeffate kan itti qophaa'eedha. Seenaa, haala yeroo darbee, kan egeree dhimmoota sadanuu walitti hidhuun, baazaarii, egzibishiniifi sagantaawwan garagaraatiin yoo kabajame fuuladuratti sosochii biyyaaleessaa fooyya'aa uumuun ni danda'a amantaa jedhuun qophaa'uu kaasu.

Dhimma ijoo biraatiin ammoo, Ministeerichi Onkololeessa 4, waggaa 116 dura akka dhaabbataatti gurmaa'ee hundaa'uu eeranii, hojiilee yeroo sanaa eegalee hojjetaman yaadachuun sadarkaa irra ga'ame dhaloota ammaaf beeksisuun faayidaa waan qabuuf qophaa'uu ibsu.

Ministeerri Dhimma Alaa erga akka dhaabbataatti gurmaa'ee kaasee hojiin hojjetee maal fakkaata? Inni jedhu yoo ilaalamu hiikaa olaanaa akka qabu kaasanii, akkuma torbanoota muraasa dura Ministeerri Raayyaa Ittisa Biyyaa bara hundeeffama waggaa 116ffaa haala walfakkaatuun kabajatee ergama dhaloota dhufuuf qophii taasise ministeerichis ka'umsa kanaan torban dippilomaasii qopheessuu dubbatu.

Akka Obbo Dammaqaa jedhanitti, biyyootni Afrikaa hedduun, kabajniifi ulfinni Itoophiyaaf qaban olaanaadha. Yeroo tokko tokko biyyoonni ajandaawwan garagaraatiin qabamanii ejjennoon Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii irratti fudhatama; Itoophiyaan garuu rakkoo keessa teesseellee rakkooshee ofiin hiikkachuun biyya akka Gamtaa



Obbo Dammaqaa Mokonnin

Afrikaattis ta'e akka Mootummoota Gamtoomanii fudhatamummaa olaanaa qabduudha. Biyyoonni hedduun dhimmoota garagaraarratti "Itoophiyaan maal jette?" jedhanii gaafachuun ejjennooshee fudhatu.

"Carraan guddaan akkanaa utuu jiru, miirawwannifi fedhiwwan garagaraarraa ka'uun ajandaa addaddaa luqqisuun numti mataan keenya biyya keessatti kan waljeeqnu, walmadeessinuufi Itoophiyaa gadi qabuuf wanti goonu nama gaddisiisa" jedhu.

Ciminniifi dhiibbaa uumtummaan Itoophiyaan dippilomaasiidhaan qabdu haa cimuu jedhamee yoo yaadame, tokkummaan biyya keessaa cimuu akka qabu kaasanii, kanaafuu yaada, addaddummaafi fedhiin kamuu Itoophiyaa keessatti osoo badii hinqaqqabsiisiin haala nagaan furuu amaleeffachuun barbaachisaa ta'uu hubachiisu.

Seenaa keessatti miirawwan addaddaatiin kan ishee xiqqeessinu, madeessinuufi gadi qabnu ijoolleedhumasheeti malee, addababa'ii biyyooleessaarratti ilaalchi Itoophiyaaf jiru olaanaadha kan jedhan Ministirri Muummee Ittaanaafi Ministirri Dhimma alaa kun, ulfinaafi kabaja kanaaf ammoo ilmaanshee gaggeessitoota ta'anii cimani tarkaanfachuufi dhaabbachuun akka irra jiraatu hubachiisu.

Bara dhufuufis wajjuma keessoo, tokkummaa, hiyyummaa dinagdee keessaa bahuufi biyya jaalachuurratti xiyyeeffachuu akka barbaachisuufi hawaasa ofitti boonu, hiyyummaafi rakkina jalaa bilisa ba'ee uumuuf hojjechuun murteessaa ta'uu dubbatu.

Hojmanee kana yoo hojjenne, dippilomaasii egeree milkaa'inaan ittifufsiisuun ni danda'ama; fuulduree dippilomaasii egeree tilmaamuu kan dandeenyuus gamanumaa ta'a jedhu.

Suurri Saamut'eel Tasfaayetiin



Bariisaan

Guraandhala bara 1969 hundaa'ee.

Torbanitti al tokko, guyyaa Jimaataa,

Dhaabbata Pireesii Itoophiyaatiin maxxanfamaa ture. Waxabajjii

1,2011 irraa eegalee Sanbata maxxanfamaa jira.

Hoji Gaggeessaa Olaanaa Dhaabbata Pireesii Itoophiyaa
Lakk. bilbilaa - 011-126-42-22
Email :- epa@press.et

Gulaalaan

Charinnat Hundeesaa

Lak.Bilbilaa 011-126-42-08

chhundessa@yahoo.com

email-cherenethundessa@press.et

Teessoon:Kutaa Magaalaa Nifas Silki Laaftoo

Qopheessitootni:

Saamraawit Girmaa

Natsaannat Taaddasaa

Bayyanaa Ibraahim

Waasihuun Takilee

Adeemsisaa Hojii

Bil. 011-126-42-22

Kutaa Beeksisaa:

Bil. 011-156-98-73

Raabsa Gaazexaa

Bil.011-157-02-70

Faaksii Kutaa Qophii

251-011-1-5698-62

L.S.P 30089

email-bariisaa@press.et

 Ethiopian Press Agency

ODUU

Oromiyaatti hojiin kaadaastara lafa hektaara miliyoona 37 xumurame

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Ittifayyadama lafa Oromiyaa ammayyeessuuf hojiin kaadaastara lafaa hektaara miliyoona 37 xumuramu Biiron Lafa Oromiyaa ibse.

Biirichi Kibxata darbe ittifayyadama lafa naannichaa ammayyeessuuf hojii hojjetaa jirurratti qooda fudhattoota waliin mari'ateera.

Hogganaan biirichaa Obbo Guutaa Laachoree akka jedhanitti, lafa naannichaa ammayyeessuuf hektaara miliyoona 37 irratti kadaastari hojiirra ooleera. Hanga ammaatti aanaalee baadiyyaa 160 (%50)tti kaadaastari hojiirra ooleera.

Akka ibsasaaniitti, biirichi bulchiinsaafi

ittifayyadama lafa naannichaa ammayyeessuuf baadiyyaafi magaalatti hojjechaa jira. Hojiin kun qabiyyee abbaa lafummaa adda baasuun dijitaalatti akka jijjiiramu taasisaa. Qabiyyeen lafa mootummaa, lafa waloofi nama dhuunfaa jedhamuun bakka sadiitti qoodamuun waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa kennamaa jira.

Waraqaa ragaa abbaa qabeenyummaa kennamu bu'uura godhachuudhaan biirichi giddugaleessarra lafa qonnaa, investimani, Ikoo turizimiifaa adda baasuuf gumaacha olaanaa qaba. Waldhabdee daangaa lafaan walqabatee ka'uun baasii mana murtiitti ba'u akka hambisu waldhabdee manneen murtiis murtoo haqa qabeessa kennuuf ragaa

Gara fuula 14tti



Obbo Guutaa Laachoree

“Magaalaan Jimmaa dagatamuurraa gara hawwatamuutti ce'ee jira”

- Obbo Najib Abbaa Raayyaa

Waaqshuum Fiqaaduu

Finfinnee: Magaalaan Jimmaa magaalaa umurii dheeraa qabu ta'us waa maraan dagatamuusaa gaaffii hawaasaa yeroo dheeraa turuus jijjiiramaa as garuu gara hawwatummaatti deebi'aa jiraachuu Kantiibaan Magaalichaa Obbo Najib Abbaa Raayyaa ibsan.

Obbo Najib Kamisa darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf akka ibsanitti, magalaan Jimmaa Finfinneetti aanee magaalaa umurii dheeraa qabuufi Giddugalaa Itoophiyaa Kibbaafi Kibba Lixaa ta'us misoomaan daran boodatti harkifatee ture. Ta'us xiyyeeffannoo magaalotaaf kennameen magaalichatti yeroo ammaa guddataafi misoomaa jira.

Lagni Hawweetuu kiloomeetira 12 dheeratuufi magaalichaa keessa darbu waqtii gannaa guutuun ummata gidirsaa tureefi hedduu buqqiseefi hedduu ofitti fudhataa ture jijjiirama as garuu misoomee dargaggoota hedduuf carraa hojiifi wabii jireenyaa ta'uu eeranii, ijaarsa pirojektii qarqara lagichaatii hanga waldaan gurmaa'uun bunaafi shaayii dhiyeessuutti dargaggoota hedduuf madda galii ta'uu ibsu.

Pirojektiin kun balaa lolaa ture maqsuufi carraa hojii uumuu qofa osoo hintaane bakka bashannanaa daran hawwataafi calaqqee aadaa godinichaan kan faayame ta'uusaas ibsanii, riqichi boca teessoo/ barcumaa Jimmaa fakkaatuun ijaarame magaalichaa miidhagina addaa kennuun dabalata omishaalee godinichaa kan ta'an meeshaaleen mukarraa hojjetaman, bunaafi dammii bakka sanatti gabaaf dhiyaachuun galii magaalichaa dabalaa akka jiran akkasumas, dhimmoota hawaasummaa garagaraaf filatamaa ta'uus himu.

Akka isaan jedhanitti, hawwatummaa magaalichaa paarkiiin magariisummaafi daandiiin keessa keessaa hojjetamaa jira. Paarkiiin Industirii Jimmaa rakkoo hawaas



dinagdee ummata godinichaa darbees kan biyyaa furuurrattis abdi guddaan kan irraa kaa'amedha.

Ta'us jalaqabatti namootni paarkicha keessatti misoomsuuf garas deeman galtee industirii naannawaa sanatti argamu dhiisuun omisha huccuufi kopheerratti xiyyeeffachuusaaniin bu'uu barbaadame akka hinargamsiifne yaadachiisani, ammaan tana garuu abbootiin qabeenyaa omisha bunaa, mukaa, kuduraafi muduraa omishan bu'a qabeessa akka ta'an qorannoon adda bu'uu dubbataniiru. Balaliin xiyyaaraa fooyya'uu qofa osoo hintaane bu'uuraaleen misoomaa paarkichaa illee waan guutamaniif abbootii qabeenyaaf carraa guddaa ta'uu ibsaniiru.

Jimmi fedhii industirii malee hanqina lafaa hinqabdu kan jedhan Obbo Najib, wayita ammaa naannawaa Industirii Paarkii Jimmaatti industirii dabalataaf lafa hektaara 800 qopheessuun naannawicha guutummati naannwa industirii gochuuf hojjetamaa jiraachuu himaniiru.

Sadarkaa haaromsa Masaraa Abbaa Jifaar ilaalchisee, harkifachuunsa komii hawaasaa ta'us mootummaan qixa barbaadameefi haala sadarkaasaa eegeen haaromsasaa raawwachuuf qorannoorra jiraachuu ibsaniiru.

Manni murtichaa teknolojiin deeggaramee dhimmoota kuma 18 ol keessummeessuu beeksise

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Manni Murtii Olaanaa Godina Harargee Bahaa ji'oota ja'an darbanitti teknolojiin deeggaramuun abbootii dhimmaa kuma 18 ol keessummeessuun baasii qarshii miliyoona 54.3 olitti tilmaamamu hambisuu beeksise.

Pirezidaantiin mana murtichaa Obbo Bukar Kadiroo ibsa Kibxata darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanitti, manni murtichaa tajaajila seeraa teknolojiin deeggaramee kennuuf moosaajiiwwan (software) garagaraa kan galmeen ittiin ergamu, irratti fe'amuufi odeeffannoo waa'ee galmeetti kennu “kuusaa I- faayiliifi Mana Galmeetti Onlaayinii (KIMO)” jedhamuufi tajaajila Viidiyoo Konfaraansii Iskaayippii (Skype) fayyadamaa jira.

Akka ibsasaaniitti, kan duraan abbootiin dhimmaa qaamaan gara mana murtii deemuun galmeefi iyyatni garagaraa dhiyeeffachaa turan hafee amma karaa salphaafi dijitaalawaan iyyata mana murtii aanaarraa gara Mana Murtii Olaanaatti akkasumas, gara Mana Murtii Waliigalaatti erguun baasii geejibaafi kanneen biroo abbootiin dhimmaa baasan hanbisuun danda'ameera.

Godinichatti tajaajilli moosaajii kun aanaalee 20 akkasumas, Mana Murtii Olaanaafi Mana Murtii Waliigala Oromiyaa gidduutti diriirfamee tajaajila guutuu kennaa kan jiru ta'uu himanii, barana hanga kurmaana 2ffaatti manneen murtii aanaalee 20 irraa galmeen kuma tokkoofi 814 karaa teknolojiin kanaan banamuusaafi manni murtii aanaa iyyata dhorkaafi ajaja garagaraa lakkoofsaan 539 ta'an Mana Murtii Olaanaaf erguu dubbataniiru.

Manni murtii olaanaa murtii, ajaja waamichaafi ajaja dhorkaafi deebii



Obbo Bukar Kadiroo

waliigalaa kuma ja'aafi 70 ta'u gara mana murtii manaafi Mana Murtii Waliigala Oromiyaatti karaadhuma moosaajii kanaan akka erges himaniiru.

Barana hanga kurmaana 2ffaatti waliigalaan abbootii dhimmaa kuma 10 ta'an moosaajii kanaan tajaajiluun baasii geejibaafi kanneen biroo ba'uu malu qarshii miliyoona 30 hambisuun danda'amu kan himan Obbo Bukar, haaluma wal fakkaatuun, dhaddacha viidiyoo konfaraansii 30 taasisuun abbootii dhimmaa kuma torbaafi 911 keessummeessuun baasii qarshii miliyoona 23 hambisuun danda'amu eeru.

Mana murtii keessatti kaayyoo guddaan tajaajilawwan kennaman dijitaallessuun malaammaltummaa hir'isuu ta'uu eeranii, godinichatti tajaajilota kennaman dijitaallessuun malaammaltummaa dhibbantaa hagamaa hir'isuun akka danda'ame beekuuf qorannaan taasifamaa jiraachuu ibsu.

Deeggarsi qooda fudhattoota, keessattuu kan Inistiitiyuutii Intalajansii Artifishaalaa daran murteessaa waan ta'eef deggarsa barbaachisaa taasisuu akka qaban dhaamaniiru.

Mijuu

BARIISAA SANBATAA Amajjii 4 Bara 2016



**Biyyi
dargaggootaaf
hintaane...**


fuula 9



**“Oromoon Walloo; warri
odaa Garadoo, ummata
qoreedhaan marfamee
sabboonummaasaa
kabachiisee asiin gaheefi
kabajni maluufiidha”**

- Abba Gadaa Walloo Ahmad
Mahaammad Umar

fuula 6



**Karoorra qindaa'aa
ittifayyadama lafaa
hojiirra oolchuun guddina
dinagdee ittifufiinsa qabu
mirkaneessuudha**

fuula 9



**Dhaabbata Abbagaar Ummataa Itoophiyaa wajjin
Walta'uun torban torbaniin kan dhiyaatuudha**

“Fedhiin dhaabbatichatti tajaajilamuu hawaasaa dabalaa jira”

- **Obbo Tashoomaa Yaamii**

Biyya keenyatti dhaabbileen mootummaafi waajjiraaleen gara garaa yemmuu hundaa'an labsiidhaan yemmuu ta'u, dhaabbata Abbagaar dabalatee dhaabbileen dimokraasii garuu kan hundaa'an labsiidhaan osoo hintaane, Heera Mootummaa Federaalawa Dimokraatawaa Itoophiyaatiini.

Kunis gidduseentummaa qamota raawwachiiftuu ittisuudhaan walabummaa dhaabbilee dimokraasiitiif kennuuf yaadamee yemmuu ta'u, Dhaabbanni Abbagaaris yeroo jalqabaatiif Itoophiyaatti bara 1992tti lab sii 211n hundaa'uu Dhaabbata Abbagaar Ummata Itoophiyaatti, Abbagaari Damee Oromiyaa Obbo Tashoomaa Yaamii ni ibsa dhiyeenya kana Gaazexaa Bariisaatiif kennaniin eeraniiru.

Ergasiis bara 2011tti lab sii lakkoofsa 1142n fooyya'uu kan himan Obbo Tashoomaan, jijjiiramaa as yeroo lammataatiif fooyya'uu ibsu.

Kunis xiyyeeffannoo olaanaa argachuu dhaabbatichaa kan ibsuufi fedhiin hawaasni biyyattii dhaabbatichatti tajaajilamuu barbaadani yeroorraa yerootti dabalaa dhufuu kan agarsiisuudha jedhan.

Jalqabumarraa yemmuu ka'amu kaayyoo

guddaan dhaabbaticchi hundaa'eef bulchiinsa gaarii hojiiwwan mootummaa keessatti diriirsuufi yemmuu rakkooleen bulchiinsa gaarii dhaabbileefi waajjiraalee gara garaa keessatti uumameera jedhamee iyyannoon dhufu ykn kaka'umsa ofiisaatiin qoratee rakkooleen uumamuu bira gahe tarkaanfileen sirreeffamaa akka fudhataman kallattii akeekuudha.

Kaayyoo kana milkeessuufis aangoon labsiwwan lamaan dhaabbata abbagaar ummataatiif kennameera. Isaanis; kan jalqabaa lab sii lakkoofsa 1142 kan hojiiileen miidhaa bulchiinsaa akka hindhaqqabne to'achuuf isa gargaaru, dhimma dubartootaa, daa'immanii, maanguddootaafi miidhamtoota qaamaarratti sarbamuun mirgaa akka hinraawwatamne to'achuufi mirgisaanii akka kabajamu mirkaneessuu, mirgi kutaalee hawaasaa kanneeniif kenname sirnaan hojirra oolaa jiraachuu to'achuu, bakka mirgisaanii sarbamee argametti immoo komii simachuudhaan yaada furmaataa kennuudha.

Kaayyoo guddaan biraa mirgi bilisummaa odeeffannoo akka mirkanaa'u taasisuunis hojii ijoo dhaabbatichaati. Keessattuu namni ykn qaamni kamuu qaamolee mootummaa sadeen, qaama seera baaftuu, seera raawwachiiftuufi qaama murtii seeraa dabalatee odeeffannoo



fedhe argachuuf mirqa guutuu argateera.

Odeeffannoo fedhe funaanuu qofaaf osoo hintaane, chaanaalii barbaadetti fayyadamee odeeffannoo argate nama biraatiif dabarsuu ykn qilleensarra oolchuuf mirga guutuu qaba. Qaamni kamuu odeeffannoo argate afaaniin, barreeffamaafi miidiyaadhaan tamsaasuuf mirga qaba.

Kunis irra jireessaan lab sii mirga bilisummaa odeeffannoo jalatti tumamee kan argamuudha. Gabaasa hojiiwwan mirga odeeffannoorratti hojjataman qindeessee hanga mana maree bakka bu'oota ummataa biyyattiitiif

dhiheessuuf mirga kan qabu dhaabbata Abbagaar Ummataa qofa.

Hojiiwwan hanga ammaatti hojjataman yemmuu ilaallu ciminniifi hanqinni jiraachuu kan kaasan Obbo Tashoomaan, keessattuu dhimmi bulchiinsa gaarii manneen hojii mootummaa keessatti mirkaneessuu hojii qaama tokko qofaan hojjatamee milkaa'u osoo hintaane, qindoomina dhaabbilee gara garaa kan gaafatu waan ta'eef harcaatiwwan gara garaa mul'achuu ibsu.

Labsiin dhaabbata Abbagaar dhiheeniyatti haaromee hojiiwwan dhaabbaticchi kanaan dura sababa daangaa aangootiin itti galuu hindandeenye hedduu akka hojjatuuf carraa kan uumeef ta'uus eeranii, keessumaa kanaan dura miidhaawwan bulchiinsaa dhaabbilee mootummaatti raawwataman qofa simatee ilaalaa turerratti fooyyessi taasifamu ibsaniiru.

Haa ta'uu malee lammiileen biyya kanaa dhaabbilee mootummaa keessa hojjatan qofaa osoo hintaane, isaan dhaabbilee dhuunfaa keessa hojjetanis kan dabalatu waan ta'eef labsiin haaraan kun rakkoo gama daangaa aangootiin jiru kana cabseefi miidhaawwan bulchiinsaa dhaabbilee mootummaas ta'ee dhuunfaatti uumamuu malan hundarratti qorannoo akka gaggeessuuf aangoo kenneera.

KEESSUMMAA BARIISAA

“Oromoon Walloo; warri odaa Garadoo, ummata qoreedhaan marfamee sabboonummaasaa kabachiisee asiin gaheefi kabajni maluufiidha”

- Abbaa Gadaa Walloo Ahmad Mahaammad Umar

Waasihun Takileetiin

Gaafa Oromoon galaana jedhamu afoolaan osoo hintaane haqa lafaraa jiruudha jechuun nidanda'ama. Ilmaan Kuush Itoophiyarraa kaasee hanga gaanfa Afrikaatti ummata babal'atee jiraatu yoo ta'u, isaan keessaa Oromoon isa tokko. Egaa ummata Oromoo akka biyyaatti waanti adda isaan taasisu yoo jiraate ganamuma dhalootumarraa kaasee dimokraatawaa ta'uu, uumaafi uumamaaf kabaja kennuusaaniiti.

Dhiibbaafi cunqursaan sirnoota gara garaa isaanirratti fe'amus aadaa, duudhaa, eenyummaa, afaan, Gadaafi sirnootaani kunuunsaa dhaloota abidda ta'etti dabarsanii kennaniiru.

Dhimma kanaan walqabatee sadarkaa Itoophiyaatti cunqursaafi gadi qabaan eenyummaa, afaan, aadaa, amantiifi sirnoota gara garaa Oromoorratti qaqqabaa ture daran hadhaa'aa ta'us hunda akka dhufetti ofirra qolachuun Oromoofi Oromummaan akka cimee dhaabatu utubaa biyyattiis ta'uu ifatti agarsiisuu eegaleera.

Keessumaa dhiibbaafi cunqursaan sabummaa hadhaa'aan isaanirratti fe'amus gabrummaa diduun qabsoo hadhaa'aa taasisuun eenyummaasaanii afaansaani, daangaasaanii kabachiisuun dhaloota har'aatiin gahuu keessatti shoorra Oromoon Walloo taphataa tureefi har'as ittijiru kan nama ajaa'ibuudha.

Gaazexaan Bariisaas maxxansasaa kanaan Itoophiyaa kaabaa, Godina Saba Oromoo Walloorratti xiyyeeffachuun Oromummaafi Oromoon Wallootti maal fakkaata isa jedhuuf keessummaa tokko qabatee dhiyaateera.

Isaanis Abbaa Gadaa Oromoo Walloo Ahmad Mahaammad Umar yoo ta'an, Oromoon Walloo aadaa, afaan, duudhaafi eenyummaasaa osoo hinfaaliin asiin gahachuu kan danda'e maaliini? Sirnoonnisaa addaan citan hinjirani laata? isa jedhuuf oluma seenaa waanti odeeffanne kunootii. Keessumaa keenya kana yeroo isaan walga'iif gara magaalaa Finfinnee dhufan arganneeti kan dubbisne.

Bariisaa: Abbaa Gadaa Oromoo Walloo Ahmad Mahaammad Umar eenyu, eessa jiraatu?

Abbaa Gadaa Ahmad: Ahmad Mahaammad Umar jiraataa Godina Saba Oromoo Walloo, Kamisee yoon ta'u, Abbaa Gadaa Oromoo Wallooti.

Bariisaa: Fooliin Oromummaafi Oromoo Itoophiyaa kaabaa Wallotti maal fakkaata?

Abbaa Gadaa Ahmad: Oromoon Walloo ummata waloomina, aadaa, duudhaa eenyummaa, afaaniifi duudhaasaaf bakka guddaa qabuudha. Ummata Oromoo kamuu dursee kabajamuu Oromummaaf shoorra olaanaa taphateefi ammas ittuma jirudha.

Fooliin Oromummaa kaleessa yeroo dukkanaayyuu nurraa hinbanne. Qabsoo hadhaa'aa taasisaa dhaloota har'aa abidda ta'e harkaan gahachuun danda'ameera.

Bariisaa: Aadaan duudhaafi eenyummaan Oromoo Walloo faalama tokko malee akka as gahu wanni taasisa, iccitiin injifannoo keessanii maali laata?

Abbaa Gadaa Ahmad: Iccitiin injifannoo



Suurri: Haddash Abrahantiin

keenya maqaa keenya. Wallo ganamumaa kaasee waloomina qaba. Gaddatti gammachuutti, argachuutti, dhabuutti, qabsoorratti waliin dhaabachuun daangaa eenyummaa, duudhaafi sirnoota keenya kabachiisuu dandeenyeera.

Bariisaa: Oromoofi Oromummaa lafa qabsiisuu faalamarraa eeguurratti Oromoon Walloo maqaa qaba jedhamaatii agarsiistuunsaa maali?

Abbaa Gadaa Ahmad: Nuyi ijoollee Warqituuti. Dhiira keenya mitiiti dubartoonni keenyallee wa'ee eenyummaasaaniif addaa durumaan kan quuqaman, qabsaa'ota Oromummaa dhugaati.

Eenyutti baanee bannaree ilmi abbaatti bahuu qaba. Ilmaan goototaa taanee eenyummaa keenya kunuunsuu dadhabuun caba waan ta'eef fooliin Oromoofi Oromummaa yoomiyyuu waan badu miti. Nurra darbee bakkeettuu urgaa'a.

Bariisaa: Godinaaleen Oromiyaa sirna araaraa odaasaanii jalatti gaggeessu. Fakkeenyaaf Odaa Bulluq, Odaa Roobaa, Odaa Bisil, Odaa Bultum maqaa dhahuun nidanda'ama. Kan Oromoo Walloo hoo maal jedhama?

Abbaa Gadaa Ahmad: Dhugaadha. Oromoon hunduu Odaa, malkaa, giddugala, sirnaafi duudhaa qaba; dimokraatawaadhas. Nuti, Oromoon Walloos giddugala araaraa, duwaayii kan ta'e "Odaa Garadoo" qabna.

Bariisaa: Odaan Garadoo Eessatti argama?

Abba Gadaa Ahmad: Odaan Garadoo Godina Saba Oromoo Walloo, Aanaa Dawaa Caffaa, Ganda Hijiraatti argama. Odaa umuriifi seenaa dheeraa qabuudha.

Bariisaa: Odaa Garadoo jalatti maal maaltu

gaggeeffama?

Abbaa Gadaa Ahmad: Namoonni walole jalatti araarfamu, yoo roobni bade jalatti walgahuun duwaayii goona. Haadhooliin Siinqees sirnoota gara garaa achitti gaggeeffatu. Kanaaf akkuma odaawwan Oromoo biroo duudhaaleefi sirnoonni gara garaa achi jalatti gaggeeffamu. Odaan Garadoo Oromoof oada seenaa guddaa qabuudha.

Bariisaa: Sirna Gadaa Oromoo duudhaa ganamaa dhalootatti dabarsuuf sochiin jiru maal fakkaata?

Abbaa Gadaa Ahmad: Dhugaa dubbachuuf kan abbootiin keenya nuu dabarsan akkuma jirutti ta'ee dhaloonni qubee kun hojii guddaa hojjetaa jira. Akka dhaloonni kun gadaasaa beekuuf sadarkaa gandaa hanga godinaatti hojiin hojjetamaa jiru kan nama jajjabeessuudha.

Sochiin kun dhaloonni duuba jiru Gadaasaa, sirnasaafi duudhaasaa kan kooti jedhee kunuunfachuun akka qabu faajjii eenyummaasaa ganamaa, qaroomina ganamaa ilmaan Oromoo ta'uu beekke imaanaa kana boruuf akka olkaa'u dhaloota dhufutti akka dabarsuuf dirqama ittikennameedha.

Bariisaa: Hundeeffamni Gadaa Oromoo Walloo waggaa 4ffaasaa kabajachuuf jedhaatii qophii akkamiitu taasifamaa jira?

Abbaa Gadaa Ahmad: Gadaa sababa gara garaan addaa cite ture deebisnee hundeesuun dhaloota barsiisaa jirra. Kanuma sababeeffachuun waggaa 4ffaasaa kabajachuuf yaadaa waan jirruf oromoon nuwaliin dhaabachuu qaba jenna. Gadaan Oromoo iddoowwan gara garaatti addaan cite ture kan keenyas akkasuma yeroo ammatimmoo irra deebisnee, hundeesuun cimsaa; dhalootas dakaakasnee barsiisaa jirra.

Eenyutti baanee
bannaree ilmi
abbaatti bahuu qaba.
Ilmaan goototaa
taanee eenyummaa
keenya kunuunsuu
dadhabuun caba
waan ta'eef fooliin
Oromoofi Oromummaa
yoomiyyuu waan badu
miti. Nurra darbee
bakkeettuu urgaa'a

Akkuma warra Ituu, Umbannaa keenyas addaan citee ture amma deebisnee hundeesinee waggaa 4ffaas kabajachuuf qophiitti jirra. Egaa walbareechuun aadaa keenya. Yoo nuti waliin hinbareechine namni dhufee nuu hinbareechu. Kanaafuu Oromoon karaa barbaachisaa ta'een nuwaliin dhaabachuu qaban jedha.

Bariisaa: Gadaan Oromoo Walloo miseensa Gumii Gadaa Oromoo ta'eeraa?

Abbaa Gadaa Ahmad: Gadaan Oromoo Walloo erga hundaa'ee waggaa afur siin jedheera. Waggaa affaasaa kabajuuf jirra. Gadaan keenya kunis miseensa Gumii Gadaa Oomiyaa ta'eera.

Miseensa ta'uunsammoo aadaan badee ture akka bakkatti deebi'u, waloominniifi tokkummaan Gumii Gadaa Oromiyaa waliin qabnu akka cimuu kan taasisa waan ta'eef fuuldurattis cimee ittifufa jechuudha.

Bariisaa: Silaa hunduu walfaaana miidhagaatii hariiroon Abbootii Gadaa Oromoo kaan wajjin qabdan maal fakkaata?

Abbaa Gadaa Ahmad: Dhugaa dubbachuuf hariiroon abbootii Gadaa kaan waliin qabnu daran nama jajjabeessa. Kunimmoo Oromummaafi Oromoon akka olkaa'u, waloominni akka jiraatu taasisaa waan jiruuf cimee ittifufuu qaba.

Keessumaa sochii waa'ee Gadaa dhaloota barsiisuuf taasisnu keessatti shoorri abbootii

KEESSUMMAA BARIISAA



Gadaa Oromiyaa olaanaadha. Walitti dhufeenyi cimaa deemuun Oromummaa siyaasaan, dinagdeefi hawaasummaan akka kan cimsu waan ta'eef haala gaariirra jira.

Bariisaa: Dur dur walbaruun firaa fagoofi dhiyootti gaggeeffama amma kun jiraa?

Abbaa Gadaa Ahmad: Gama kanaan Biiron Aadaafi Tuurizimii Oromiyaa hojii guddaa hojjetaa jira. Waa mararratti walii birmachaa jira. Haata'utii ilmaan keenya akkaataa barbaadameen walitideemanii walgaafachuufi waliyaafachuurratti ammallee hojjetamu barbaachisa.

Dhaloonni duuba jiru waa'ee Oromummaafi imala qabsoon Oromoo keessa darbe akka beeku, golli Oromoo walloofi kan godinaalee Oromiyaa biroo maal fakkaata kan jedhu beekuu qabu.

Oromoon walloo qabeenya duudhaafi eenyummaa Oromoo godinoota gara biraa kansaa ta'uu beekke dhaqee beekuu baruu qaba. Walkeessummeessanii mana waliidhaqanii waliyaafachaa deemuun dirqama yeroon barbaaduudha.

Bariisaa: Oromoon Walloo malkaasaa ganamaatti bahee irreeffachuu dagateera jedhama dhugaan jiru maal fakkaata?

Abbaa Gadaa Ahmad: Dhugaa dubbachuf Abbaan Gadaa hinsobu, dubbii hinjallisu dhimmi irreeffannaa Wallootti dagatameera, kun bakkatti akka deebi'u hojjetaa jirra.

Yeroo Irreechi gahu gara magaala guddoo Oromiyaa Finfinnee dhufnee Hora Finfinnee, Bishooftuus dhaqnee hora Harsadiitti irreeffachuun ala malkaa keenya ganamaa kan Walloorratti irreeffannaan hafeeraa.

Bariisaa: Oromoon Walloo dur malkaa kamitti irreeffataa ture? Har'a hoo?

Abbaa Gadaa Ahmad: Wallootti Irreechi hanga ammaa hinirreeffatamne. Ta'us bakki dur abbootiin keenya itti irreeffatan nibeekama. Innis Aanaa Daawaa Caffaa, malkaa Caffee aartuu jedhamutti irreeffatamaa turuutu himama. Amma bakka godaansa loonii ta'eera.

Bariisaa: Oromoon Walloo sabaafi sablammoota ollaa wajjin jiraachuurratti maal fakkaata?

Abbaa Gadaa Ahmad: Dhugaa dubbachuuf Oromoon Walloo afaan eenyummaa, aadaa, duudhaafi kabaja ollaasaatiif qabu cimsuun hariiroo gaarii uumuun har'a gaheera.

Walittibu'iinsa darbee darbee uumamus abbootiin Gadaa jaarsoliin biyyaa mariifi araaraan furaa as geenyeerra.

Haata'utii rakkoo finxaaleeyyiin uumaniin gatii kaffalaa jirra. Kun dhimma seeramaleeyyoni muraasni uumaniidha malee hawaasni bal'aan Amaaraafi Oromoo Walloo jaalalaan waliin jiraataa jiru.

Rakkoon darbee darbee uumamu deeggarsa ummataa kan hinqabne; gocha seermaleessummaa finxaaleeyyii muraasaan uumamuudha. Ta'us irraddabarree araaraafi nagaa buusaa jirra.

Bariisaa: Oromoon iddoo biraa jiru obbolloonisaa, Oromoon Walloo gama hundaan maal akka fakkaatu sirriitti hubateeraa?

Abbaa Gadaa Ahmad: Dhugaa dubbachuuf nu warra Wallootti dhufee gola Oromiyaa ilaala, sirnoota garagaraarratti hirmaata malee nuti daaw'atamuurratti hanqinni jira.

Qabeenyi Oromoo Walloo hedduudha. Qabeenyi kunimmoo kan Walloo qofa otoo hintaane kan Oromoo maraa darbees kan sabootaafi sablammoota biyyattiiti. Qabeenyi miidhagaan kun daaw'atamuu qaba. Wallo dachee seenaa guddaa qabdu, dachee sabboonummaan itti lafa qabateefi wiirtuu faajjii foolii Oromummaa dhugaan itti mul'atuudha. Kun qabeennya guddaadha.

Bariisaa: Wiirtuuleen hawwata tuuristii maal maaltu jira?

Abbaa Gadaa Ahmad: Wiirtuuleen hawwata tuuristii keenya tokko lama miti. Naannawichi seenaa dheeraafi qabeenya madda galii ta'u kan qabuudha. Fakkeenyaaf gandi Shonkee isa tokko.

Gandi kun ganda tulluurratti ijaarameefi umurii dheeraa qabu yoo ta'u, haalli ijaarsasaafi teessumni lafasaa waan injiinarii ammayyaan teknolojii ammayyaatiin deeggaramee kalaqe fakkaata. Ijaarsawwan durii tulluu tokkorraa bocaman akkasumas bakka jireenya dhala namaa ta'an kunniin ajaa'iba ijaan ilaalamee hinquufamneedha.

Gandi kun Aanaa Daawaa Caffaatti kan argamtu yoo ta'u, gamoo uumamaati. Gamoon kun qaroomina ilmaan Kuush dur qaban kanamalees hundeeffamaafi seenaa biyya kanaa keessatti qaroominni Oromoo gadi fagoo ta'uu kan mul'isuudha. Oromoofi saboonni kaan dhufanii daaw'achuu qabu. Oromoo walloo daaw'achuun takkaan fira ofiin waalabaruudha lammeessoommoo dinagdeesaniiti utubuu

ta'uun hubatamuu qaba.

Bariisaa: Wiirtuulee hawwata tuuristii Oromoon Walloo qabu keessaa Masjiinni Xurusiinaa umurii dheeraa qabu isa tokko. Yeroo tokko bakakkaadhaan diigamee ture jedhama. Deebi'ee ijaarame moo akkam ta'e? Akkuma durii daaw'atamaa jiraa?

Abbaa Gadaa Ahmad: Dhugaadha. Masjiinni Xurusiinaa masjiida seenaqabeessa umurii dheeraa qabuudha. Yeoo tokko balaa tasaatiin diigamee ture. Yeroo ammaa ijaaramee banaa ta'eera. Tuuristoonni biyya keessaafi alaa dhufanii daaw'ataa jiru.

Bishaan Awweetuu Aanaa Jiilee Dhummuugaatti kan argamu yoo ta'u, wiirtuu hawwata tuuristii Oromoon Walloo qabuufi seenaqabeessa birooti. Bishaan kun danfa hurku yoo ta'u, nama dhukkubsateef dawaadha. Bishaanichi dinnicha, bordogee itti bilcheessuufillee nigargaara.

Wiirtuuleen hawwata tuuristii tarreessine muraasa. Dacheen Warqituu kun surriitti daaw'atamuu qaba. Qabeenya kana aartiidhaan miidhagsanii beeksisuunis barbaachisaadha.

Akkuma kan ofiifi waan ofii abbaatu bareechata jedhamu seenaan Oromoo Walloo seenaa Oromoo hundaa ta'uu dagatamuu hinqabu. Abbootiin keenya waliin duulani biyya eenyummaashii hindaganne nutti dabarsaniiru. Nutis dabaree keenya imaanaa kana dhaloota dhufutti dabarsuuf humna qabnuun waliin dhaabachuu qabna.

Hundaafuu hundeeffama Gadaa Walloo waggaa 4ffaa alanaarratti Oromoo hunda eegna. Waan qabnuun nooraa jennee simanna. Isaanis mana obboleeyyan keenyaa deemna jedhanii itti yaadani dhufanii nudaaw'achuu qabu.

Bariisaa: Oromoon dhalootumaan dimokraatawaa jedhama isin maal jettu?

Abbaa Gadaa Ahmad: Dhugaa dubbachuuf Oromoon ummata sirna Gadaatiin guddate waan ta'eef diimokiraasiin isaaf haaraa miti.

Kan Gadaa jalatti guddate diimokiraasiin ijaaramee guddata. Xiqqaa guddaa, dhiira dhalaa jedhee hinfo'u. Ummata Umaaafi uumamaaf kabaja guddaa qabuudha. Umaan inni itti amanu kan dhaloota hunda ija tokkoon ilaalu; kan waaqa uume kan lafa dhisaa malee diriirse waaqa guddaati.

Yoo malkaa bu'ee galateeffatus waaqa malkaa kana uumte akka malkaa kana nu baay'isi waaqa tulluu kana uumte akka tulluu kanaa olnukaasi jedhee jiidha qabatee galateeffata malee uumamatti hinsagadu. Duudhaan Oromummaa Oromoon itti guddate dimokraasii kan barsiisuufi walqixxummaa lafa qabsiisu sirna jijjiiramaati.

Bariisaa: Sirna walharakaafuudhinsa baallii Gadaa Gujii akkamiin ibsiti? Maaltus irraa baratama?

Abbaa Gadaa Ahmad: Akkuman duraan sii kaase Oromoon waliisaa kan hogganaa ture Sirna Gadaatiini. Sirni Gadaa diimokiraasii barsiisa, diimokiraasiin immoo dhalootaa dhalootatti darbaa har'a ga'eera. Sirni walharkafuudhinsa baallii Gadaa Gujiiis aangoon humnaan darbuu akka hindandeenyeefi diimokiraasii ammayyaatiif agarsiistuu guddaadha.

Oromoon ummata waliisaatiif qofa mitii dhala ormaayyuu harma hoosisee, guddifachaan simatee kan kooti jedhee akka dhalasaatti ilaalee qabeenya hiree jiraachisaa tureedha. Kanaaf diimokiraasiin Oromoof haaraa miti.

Bariisaa: Sirni diimokiraasii gabbachuun kun ilmaan sabootaafi sablammillee Itoophiyaatiif bu'aa akkami qabaata?

Abbaa Gadaa Ahmad: Diimokiraasiin

hundumaaf carraa kan kennuudha. Loogdummaas kan maqsuudha. Kanaaf yoo sadarkaa biyyaatti ilaalle yaaliin humnaan aango qabachuuf taasifamu gaaga'ama lammiilee dinagdeefi hawaasummaa maqsuuf bu'uura ta'ee tajaajila.

Diimokiraasiin babal'annaan aangoon namusaafi filannoon dabareesaa eeggatee akka darbu taasisa. Biyya sabaafi sabalammii ittibaa'atu kana keessatti ilaalcha diimokiraasii babal'isuun takkaan tokkummaan biyyaa akka cimulammattamoo miirri waldanda'uu akka gabbatu kan taasisu waan ta'eef murteessaadha.

Bariisaa: Nageenyi hundaaf murteessaadha. Nageenya malee misoomni hinjiru. Haata'utii waldhabdeen yaadaa obboleeyyan lamaan gidduutti waraana walitti kaasise akkamiin furamuu qaba jettu?

Abbaa Gadaa Ahmad: Obbolaan walitti bu'uun waljifachuun wanuma jiru. Haata'utii wallolli keenya waraana kan kaasisu ta'uu hinqabu. Waraana yaadaan dubbii dhaamsuun barbachiisaadha.

Haata'utii kan Oromiyaa keessatti mudachaa jiru kan nama nama gaddisiisuudha. Dhimmi kun ilaafi ilaameedhaan xumuramuu qaba malee lafee walcabsuufi dhiiga waldhangalaasuu hinqabu.

Sirna Gadaa dimokraatawaa babal'isna jennee ofii kan waldhiibnu yoo ta'e rakkoodha. Kan nuuf hintaane kaaniif ta'uu hindanda'u. Kanaaf waldhabdee keenya mariidhaan golatti xumuranee misooma biyyaatiif waliin dhaabachuun barbaachisaadha.

Bariisaa: Waldhabdee mudachaa jiruun ummatoonni biyyattii gatii guddaa hinkaffallee laata?

Abbaa Gadaa Ahmad: Lubbuun ba'uun, qaamni hir'achuun qe'eefi qabeenya ofiirraa buqqa'uun dinagdeen ofii golgolaa'uun, hirkattummaafi eeggattummaatti kufuun bu'aa walwaraansaati. Rakkoo kana furuuf qaamoleen waldhiiban yaadasaanii walwaraansarraa gara mareetti jijjiiruu qabu.

Yoo ummata qabsoofnuuf hinqabaanne qabsoon keenya gatii hinqabu. Kanaaf nageenya ummataatiif dursa kennuu qabna. Sana booda garaagarummaa yaadaa keenya mariidhaan furuun biyya keenyammoo biyya badhaateefi hundumaaf haadha taate, diimokiraasiin keessatti dagaage taasisuun nurraa eegama.

Bariisaa: Dhimma biyyaarratti abbootiin Gadaa araara buusuuf diimokiraasii barsiisuuf akkuma kaka'an abbootii amantarraa hoo maltu eegama jettu?

Abbaa Gadaa Ahmad: Abbootiin Gadaas ta'an abbootiin Amantaa dhimma biyyaarratti nageenya lallabuu qabu. Amantootaafi hordoftoota isaan jala jiran gorsuufi barsiisuu, waa'ee tokkummaa jaalalaa, dhiifamaa lallabuu qabu malee gartummaa siyaasaa amantaa agarsiisuun sirrii miti.

Abbaa ta'uun barsiisuufi fakkeenya ta'uu qabu. Yeroo abbaa amantaa, abbaa Gadaa jedhamnu imaanaan nagaa buusuufi ittigaafatamummaa nutti kenname olaanaa ta'uu dagatamuu hinqabu.

Hamma kun hintaanetti gartummaa siyaasaa kan agarsiisuu yoo ta'e egeree tokkummaa jaalalaa, waldanda'uufi guddina walii akkasumas ijaarsa sirna diimokiraasii akka biyyaatti eegalame gufachiisuu waan ta'eef walaba taanee nagaa buusuun barbaachisaadha.

Bariisaa: Turtii yeroo keessaniif maqaa Gaazexaa Bariisaatiin galatoomaa; Horaa Bulaa isiniin jenna.

Abbaa Gadaa Ahmad: Isinillee Oromoon Walloo maalitti jirti, maal qabdi, maal fakkaatti isa jedhuuf turtii nu waliin taasistaniif galatooma, deebanaa.

Qarreefi Qeerroo

Biyyi dargaggootaaf hintaane...

Dajanee Bulchaatiin

Dhalli namaa akka nama tokkootti jiraachuuf wantootni bu'uuraa kanneen akka nyaataa, uffataafi bakki jireenyaa isa barbaachisu. Wantootni bu'uuraa dhala namaaf barbaachisan kunneen yoo tattaafatanii hojjetan qofa argamu.

Hojii mootummaas ta'e dhuunfaa argachuun ammoo yeroo ammaa dorgommiidhaan kan guutameedha. Dorgommiwwan taasifaman qaamolee gara garaa wajjin ta'uun ciminasaa daran hammeessaa jira.

Haalli waldorgommii kun biyya tokko qofa keessatti kan murtaa'u osoo hintaane guutummaadhuma addunyaattuu wanneen bu'uuraa guuttachuuf tattaaffii cimaatu taasifama.

Waantota jireenya keenyaaf barbaachisan kanneen guuttachuuf carraaqqiifi dorgommiin taasifamu yeroo ammaa dargaggoota addunyaa gidduutti daran dabalaa deemaa jira. Yoo fedhiin dhala namaa dabalaa deemellee leecalloon (resource) biyya lafaa murtaa'aadha. Kunimmoo dorgommii nuti olaantummaa fedhii keenyarratti qabaachuuf taasifnu daran hammeessaa jira.

Dorgommiwwan armaan olitti tarreessine keessaa tokko rakkoo hoji dhabdummaadha. Hoji dhabdummaan qormaata biyyoota addunyaa hundaati. Rakkoowan hojiddhabdummaatti aansee dhufan kan siyaasa, dinagdeefi hawaasummaan walqabatan waan ta'aniif biyya tokko keessa nagaafi tasgabbiin akka hinjiraanne taasisu.

Biyyootni dinagdeensaani guddatellee rakkoo hojiddhabdummaafi fayyadamummaa dargaggootaatiin yeroo hedduu nagaa akka dhaban beekamaadha. Kanaaf rakkoon hojiddhabdummaa hudhaa biyyoota guddachaa jirani qofa osoo hintaane kan warra kaaniis ta'uu hubachuun barbaachisaadha.

Baay'ina ummattoota addunyaa keessaa harka guddaa kan qabuufi saffisaan dabalaa jiru kan dargaggootaati. Keessumaa dargaggoonni Addunyaa jijjiiramaa ('changing world') keessa kan jiraatan waan ta'eef rakkoo waniifi dhiibbaawwan gara garaatiif saaxilamoodha.

Kunimmoo dargaggootaaf haala mijataa hintaane ('discomforting confusion'), yaaddoo egerree (perplexities) jireenyasaanii ilaaluun waantota araada nama qabsiisan kanneen baalawwan sammuu namaa hadoochaniifi dhugaatiwwan alkooliif saaxilamu.

Kanarraa kan ka'es sodaa tokko malee badiiwwan qabeenya barbadeessuu, hangafoota ofiif kabaja kennuu dadhabuufi mootummaa biyya bulchu wajjin yommuu walitti bu'iinsa keessa galantu mul'ata.

Akkuma armaan olitti ilaalle addunyaan yeroo ammaa keessa jirru saffisaan jijjiiramaa jirti. Qaarominnishiis gama hundaan daran guddataa jira. Kana keessattis ga'een dargaggootaa olaanaadha.

Egaa oggaa gara waa'ee dargaggoota Itoophiyaatti deebinus baay'inni dargaggoota biyyattii dhibbantaadhaan gara harka 70fi isaa oli. Kana jechuun walakkaa baay'ina ummata biyya kanaatii ol jechuudha.

Kunimmoo miidhaas faayidaas qaba. Faayidaansaa yoo sirnaan ittifayyadamne lakkoofsi ummata hojii hojjetuu hangana baay'achuun faayidaa kan qabu yommuu ta'u, miidhaansaammoo dargaggoon hojii hojjetee jiraachuu barbaadu baay'achuun yoo hojjiin

Dargaggooofi Guddina



hojjetamu hinjiraanne innis biyyis rakkoo hamaaf saaxilamu.

Wanta hundi keenya irratti waliigaluu qabnu keessaa garuu baay'ina hanga kana ga'uuf hojiin kan hinuumamne ta'uusaati. Kunimmoo balaawwan hamoo kanneen akka dinagdee/guddina biyyaa, siyaasaa, hawaasummaa, nageenyaafi kkf fa'iif isaanis biyyas kan saaxiluudha.

Yeroo waa'ee guddina biyya tokkoo haasofnu dhimmi dargaggoon kan biraa hafuu hindandeenye ta'uun beekamaadha. Sababnisaa dargaggoon jechuun humna misoomaa biyyi kamuu gara guddinaafi jijjiirama yaadamee bira ga'uuf adeemsa kamiinuu keessatti hirmaannaa dargaggoon ala mirkanaa'a jechuun kan yaadamu waan hintaaneefi.

Keessumaa kan biyya keenyaa yoo ilaalle baay'inni dargaggoota umriisaanii waggaa 18-29 keessa jirani walakkaa baay'ina waliigalaa ummataati ol waan ta'eef dargaggoon malee waa'ee misoomaa yaaduun abjuudha.

Seenaawwan yeroo dhiyoo dura keessumaa dargaggoonni keessa darban yoo ilaalle, akka humna misoomaatti ilaalamaa hinturre. Yeroowwan gara garaatti dhiibbaawwan adda addaatiif saaxilamanii gidirfamaa akkasumas biyya ittihalatanittis akka lammii lammaffaatti ilaalamaa turaniiru.

Sababoonni dhiibbaawwan kanneeniinis dargaggoonni baay'een lubbuusaanii qaalii kan dhaban, miidhamni qaamaa kan irra ga'e hedduudha. Kanneen biroon ammoo qooda biyyasaanii keessatti hojjetanii guddachuu danda'an biyya ormaatti baqachuun harki caalu reeffasaanii gammoojjiiwwan biyyoota adda addaa keessatti allaatiin yoo nyaatu; warri carraa tolanii akka tasaa gara biyya biraatti ce'an ammoo achittis jireenya daran rakkisaa dabarsaa turaniiru.

Yeroo ammaa seenaa kana jijjiiruuf ciminaan itti deemamaa yoo jiraattellee ammallee haalonni tokko tokko hudhaa ta'uudhaan bu'aan hanga yaadame hinargamne. Sababuma kanaanis humni dargaggoon misoomaa, guddina, eegumsaafi biyyaaf gaachana ta'a jedhamee abdatame tokko tokko faallaa kanaatiin manneen araadaa, qumaaraafi suusii, hannaafi saamicharratti gurmaa'uun yaaddoo ta'eera. Rakkoowan kunneenis deemanii deemanii haala walxaxaa yeroo ammaa biyyi keessa jirtuuf sababa ta'aa jiru.

Rakkoon hoji dhabdummaa rakkoo Itoophiyaa qofa akka hintaane hubachuunis gaariidha. Rakkoon hoji dhabdummaan walqabatee jiru

addunyaa kanaafuu yaadessaa ta'aa waan jiruuf dorgommiin hojii uumuuf hojii argachuu daran jabaatee ittifuera. Hojiifi hoji dhabdummaan walqabatee biyyi keenya dhimma kanarratti xiyyeeffanna guddaadhaan hojjechaa jirti.

Ta'us tarsiimoo mootummaan dhimma hoji dhabdummaaf baase haalaan qindeessanii deeggarsa barbaachisaa yeroo barbaachisaa ta'etti dargaggootaaf kennuurratti qaawwoni hedduun ni mul'atu.

Qaawwawwan kanneen keessaa inni guddaan rakkoo maxxantummaafi malaanmaltummaati. Yommuu kana jennu dargaggoota hojii keessa galchuuf mootummaan bajata qarshii miiliyoona hedduu ramadee yeroo sochii eegalutti raawwachiiftotni tokko tokko abbootii qabeenyaa dhuunfaa wajjin waliigaluun dargaggoonni hojii keessa galanii akka hindorgomneef seera cabsanii faayidaa dhuunfaarratti hirkachuun dargaggoota carraa dhoowwatu hamiin jedhu jira.

Qaawwi inni biraan ittigaafatamummaa dhabuufi ofittummaadha. Kun kan dhimmi dargaggoon na galcha jechuu dhiisuun akkasumas qarshiin liqeffamu baduu danda'a waan jedhuun rakkoo hoji dhabdummaa sana iddoo biraatti irraanfachuun teessuma ofiif haala mijeeffachuu qofaaf kanneen muudamanii imimmaan dargaggoon haati hiyyeessaafi abbaan hiyyeessaa rakkatanii barsiifatan alatti dhorkuun diina mootummaa taasisuun rakkoolee yeroo ammaa hedduuminaan ka'aniif sababa kan ta'aa jiran qaama biraa osoo hintaane, ofitto isa ta'e abbootiin taayitaa sadarkaa adda addaarra jiran rakkoo isaan uuman akka ta'eedha kan ibsamu.

Haaluma walfakkaatuun adeemsi sirna hojii uumuu dargaggootaa kun gubbaadhaa hanga gadiitti qajeelfama mataasaa yoo qabaatellee akkaataa qajeelfama mootummaatti hojiirra oolchuu dhadhabuun rakkoo dhabiinsa tasgabbi mudateef sababa ta'aa kan jiran qaama raawwachiiftuu sadarkaalee gara garaarra jiran keessumaa rakkoon aanaafi gandi naannawa kanatti uuman akka jiru dargaggoonni yeroo adda addaatti komii yoo kaasan mul'ata.

Gama biraatiin ammoo rakkoo guddaan gama dargaggoonis daran yaadessaa ta'ee mul'atu haalaan sirreeffamuufi furamuu qabu jira. Rakkoo inni guddaan dargaggoon biratti mul'atu ilaalcha hojii mootummaa qofaa irratti maxxanaa ta'uudhaan waan ta'uufis waan hin taaneefis komii qofa kaasaa yeroo ofii gubuun kan itti mul'atuudha.

Kana malees ilaalchi, "Kun hojii xiqqaadha, ani hojii kana hinhojjetu, namni maal naan jedhaa"fi kkf dha. Walumaagalatti hojii filachuufi

tuffachuutu mul'ata jechuudha.

Kunimmoo umrii dargaggummaasaa keessatti akkaataa barnoota naaf ta'a jedhee filateen muuxannoo argaterra fayyadamaa ta'uuf kaka'umsa mataasaatiin ofiisaa uumuudhaan sosocho'uutu irra jiraata malee hojii tuffachuufi hojii mootummaa eeguudhaan yeroosaa dargaggummaa qaaliif jalaa gubuudha.

Kanarratti keessumaa ilaalcha mindeeffamanii hojjechuu jedhu sammuu ofii keessaa balleessuun barbaachisaadha. Yeroo barnoota barannus waan dandeenyuuf, gara fuulduraatti nu gargaara jennee yaadnu qofa barannee irraa fayyadamoo ta'uufis ciminaan hojjechuun barbaachisaadha.

Kanarraa kan hafe akaakuu barnoota gabaarratti hinbarbaadamneefi dorgomaa hintaasifne barachuun, booda rakkoo nutti dhufu dursinee beekuun waan salphaatti ilaalamu ta'uu hinqabu. Yeroo baay'ee akaakuudhuma barnootaa daran barbaachisaa ta'an seenun keenya gahaa waan hintaaneef qabxii barbaachisaa galmeessisuunis dorgomaa waan nu taasisuuf yoo jabaannee qayyabanne, qabxii gaarii galmeessifne, harka namaa eeguurrara baraaramuu caalaayyuu iddoowwan hundaatti barbaachisummaan keenya ni dabala. Kanaaf wanti salphaan erga eebbifannee booda rakkachuurra dursinee waan gochuu qabnu gochuu dhiisuu keenyarraan kan ka'e rakkoo hojiddhabdummaa nutti dhufuufi dorgomaa ta'uu dhabuudhaan akka hinsaaxilamneef asirratti ga'een dargaggoos olaanaadha.

Furmaata rakkoo hojiddhabdummaa wajjin walqabatee mootummaan dameewwan adda addaatiin carraa hojii bal'inaan uumuufi keessumaa fayyadamummaa dargaggootaa mirkaneessuuf hojjechaa jira, kana keessattis iftoominni akka jiraatuuf xiyyeeffannaan hojjetamaa jira jechuun Ministeerri Hojiifi Ogummaa beeksise.

Walumaagalatti mootummoonni naannolee, bulchiinsonni magaalaa federaalaa waliin ta'uun rakkoon hojiddhabdummaa akka furamuuf fandii marmartuu (naanna'aa) ramaduun waggootan torban dhufanitti dargaggoota miliyoonotaan lakkaa'amaniif carraan hojii uumamaa jiraachuus eereera.

Xumurarratti rakkoo armaan olitti milkaa'ina tarsiimoo mootummaatti gufuu ta'an guutummaatti dhabamsiisuuf hirmaannaan dargaggoos ta'e hawaasa maraa waan daran barbaachisuuf qaama dhimmi ilaallatu wajjin mari'achuun isa adeemsichatti gufuu ta'e saaxilaafi buqqisaa deemuun barbaachisaadha.

Ilaamee...

“Carraan hojii uumamu jiruufi jireenya lammiilee jijjiiruura darbee guddina dinagdee biyyaa utubuu qaba”

- Aadde Mufariyaat Kaamiil

Natsaannat Taaddasaatiin

Ministeerri Hojiifi Ogummaa Tajaajila Kominikeeshinii Mootummaa RFDI waliin ta'uun torban darbe Finfinneetti hoggantootaa miidiyaaf waliin marii taasisaera. Waltajjicharratti hojiilee ministeerichi erga hundaa'ee waggoota lamaan darbanitti raawwataa tures ibsameera.

Ministir De'eetaan Tajaajila Kominikeeshinii Mootummaa RFDI Obbo Kabbadaa Deessisaa haasaa baniinsa marichaarratti taasisaniin akka jedhanitti, ministeerichi hojiilee cabiinsa dinagdee biyyattii wal'aananiifi gaaga'ama dinagdee furan hedduu raawwachaa jira. Ka'umsi cabiinsa dinagdee biyyattii aadaa hojii keenyaa waan ta'eef aadaa hojii keenya jijjiiruu qabna. Kanaafuu miidiyaan aadaa hojiiratti warraaqsa fiduurratti xiyyeeffatee hojjechuu qaba.

Hojiilee ministeerichi waggoota lamaan darban keessa raawwate cabiinsa dinagdee, hawaasummaafi siyaasaa biyyattii wal'aanuu keessatti gumaacha guddaa kan qabu ta'uu himanii, hojii caalu raawwachuuf aadaa hojii keenya jijjiiruufi ilaalcha hojii tuffachuu keessaa ba'uu qabna.

Ministirri Ministeera Hojiifi Ogummaa Aadde Mufariyaat Kaamiil akka jedhanitti, ministeerichi hundeeffamee waggoota lama keessatti hojiilee jiruufi jireenya lammiilee jijjiiraniifi dinagdee biyyattii utuban hedduu raawwateera; hojiileen hafan hedduunis ni jiru.

Lammiileen keenya harki caalu yeroo ammaa rakkoo qaala'iinsa jireenyaafi gatiitiin miidhamaa jiru. Rakkoo kana dhaabuun dadhabamus furuun ni danda'ama. Ministeerichi humna hojjechuu lammiilee cimsuun galii akka argatan taasisuun rakkoo qaala'iinsa jireenyaafi gatii mudate furuurratti xiyyeeffatee hojjechaa jira. Carraan hojii lammiileef uumamu harkaa gara afaaniirra ta'uurra darbee jiruufi jireenya lammiilee kan jijjiiruufi guddina dinagdee biyyattii kan utubu ta'uu qaba.

Miseensota maatii tokko keessaa namni mindaa ykn galii qabu baay'ee xiqqaa ta'uu himanii, daa'immaniifi miseensonni maatii biroon galii ykn mindaa hinqabne galii ykn mindaa miseensi maatii sun argaturratti hundaa'anii kan jiraatan ta'uu himu. Ministeerichi lammiileef carraa hojii uumuun galii mataasaanii argatanii jireenya fooyya'aa akka jiraatan taasisuurratti xiyyeeffatee hojjechaa jiraachuufi lammiileen galii mataasaanii akka qabaatan taasisuun humna bitachuusaanii cimsuun rakkoo qaala'ina gatiifi jireenyaa furuu keessatti gahee guddaa kan qabu ta'uus eeraniiru.

Yeroo ammaa dargaggoonni biyyattii hedduun biyya keessatti hojjetanii jijjiiramuu utuu danda'anii karaa seeraan alaa gara biyya alaatti godaanuun rakkoolee gara garaaf saaxilamaa jiraachuu himanii, dargaggoonni karaa seeraa ba'uufi biyyuma keessatti hojjetanii jijjiiramuu utuu danda'anii hojii malee taa'aniifi karaa seeraan alaa biyyaa ba'anii rakkoof saaxilamuu akka hinqabne gorsu.

“Hariiroon hojjetaafi hojjechiisaa gidduu jiru nageenya industirii mirkaneessuu keessatti gahee olaanaa waan qabuuf qaamolee lamaan gidduutti hariiroo gaarii uumuun barbaachisaadha. Hojjehistonnis mirgaafi



Hirmaattota marichaa keessaa

faayidaa hojjetootaa eeguu qabu. Hojjettoonnis bu'a qabeessummaa industiriiwwan keessaa hojjetanii mirkaneessuuf dammaqinaan hojjechuu qabu.

Hariiroon hojjetaafi hojjechiisaa gidduu jiru cimuu fayyadamummaa qaamolee lamaanii cimsuu keessatti gahee olaanaa qaba” jedhu. Hojjetaafi hojjechiisaan qofa qofaa jiraachuu akka hindandeenye kan himan Aadde Mufariyaat, kanaafuu qaamoleen lamaan hariiroo gaarii uumanii waliin hojjechuu akka qaban himanii, qaamoleen lamaan omishtummaa guddisuurratti xiyyeeffatanii hojjechuu akka qabaniifi hojjetaan yeroon galee yeroon ba'uudhaan dirqama irraa eegamu sirriitti bahachuu akka qabu hubachiisu. Hojjechiisaanis nageenya, mirgaafi faayidaa hojjetaa sirriitti eeguu akka qabu yaadachiisaniiru.

Akka ibsa Aadde Mufariyaatitti, miidhaa hojiiratti mudatu ittisuuf hojjetaafi hojjiisaan mirgaafi dirqamasaanii sirriitti bahachuu qabu. Iddoowwan tokko tokkotti meeshaaleen miidhaa hojiratti namarra gahuu danda'u ittisan hindhiyaatan. Bakka tokko tokkotti ammoo dhiyaatanis hojjettoonni fayyadamuu dhabuun ni mul'ata. Rakkoon kun hojjechiisaafi hojjetaa biratti waan mul'atuuf ministeerichi qaamolee lamaaniiif leenjii nageenya hojiirraa mirkaneessu kan kennu ta'uu himaniiru.

Ministeerichi humna nama leenji'ee dhiyeessuufi carraa hojii uumu hojii dursaa taasisate irratti hojjechaa jiraachuu himanii, humna nama leenji'ee horachuuf dhaabbilee Barnoota Leenjii Tekniikiifi Ogummaa (BLTO) waliin hojjechaa jiraachuu kaasu. Ministeerichi Itoophiyaa zoonii dinagdee saddeettii qoodee irratti hojjechaa jiraachuufi leenjiwwan dhaabbileen BLTO kennanis kennaa misooma naannawaafi fedhii gabaarratti kan hundaa'ee ta'uus eeraniiru.

Ministeerichi barana lammiilee miliyoona 3.9f carraa hojii uumuuf karoofatee hojjechaa jiraachuu ibsanii, hojdhabeeyyiin sadarkaa biyyaatti jiran garuu miliyoona ja'aa ol ta'u kaasu. Dargaggoonni rakkoo hojdhabdummaa kana keessaa ba'uuf carraa hojii argame hundumaatti fayyadamuu akka qabaniifi aadaan hojii jijjiiramuu akka qabus ni hubachiisu.

Industiriiwwan biyyattiis omishaalee biyya alaati galan kan biyya keessatti omishamaniin bakka buusuurratti xiyyeeffatanii hojjechuu akka qaban yaadachiisani, maashiinoota biyya alaarra galan maashiinota biyya keessatti omishamaniin bakka buusuu barbaachisas jedhu. Dargaggoonni dhaabbilee BLTO gara garaa

irraa leenji'anii ba'anis kanarratti xiyyeeffatanii hojjechuu akka qabaniis ni hubachiisu.

“Omishaaleen biyya keenyatti omishaman teknolojiin deggaramuu qabu. Carraawwan hojii uumamanis guddina dinagdee biyyaa waliin kan walitti hidhate ta'uu qabu. Lammiileen utuu gara hojiitti hinseenin dura leenjii argachuu qabu. Omishaaleen biyya keessatti omishamanis gabaarratti dorgomaa ta'uu qabu. Maatiifi hawaasni naannawaa carraa hojii mootummaan uumu deggeruurratti hirmaachuun ijoolleesaniitiif carraa hojii uumu qaba” jedhu.

Hojjennee jiruufi jireenya ofii jijjiiruuf ilaalcha hojii tuffachuufi filachuu akkasumas damee IMX xiqqeessanii ilaaluu keessaa ba'uu akka barbaachisuufi rakkoo hojdhabdummaa furuuf lammii tuutaa uffatee hojjetu baay'inaan horachuu akka barbaachisu kaasu. Hojii irratti bobba'ame hundumaa miira yeroo hinqabuutiin hojjechuu akka barbaachisuus hubachiisu.

Daarektara Ittaanaa Abbaa Taayitaa Miidiyaa Obbo Yoonaa Tasfaayee akka jedhanitti, miidiyaan hojiilee mootummaan raawwate ummata biraan gahuufi yaadaafi komii ummata ammoo mootummaa biraan ga'uun mootummaafi ummata gidduutti riqicha ta'ee tajaajiluu qaba. Miidiyaan rakkoo bulchiinsa gaarii hanga dakaatti gad bu'ee gatii kaffalee hojjechuus qaba.

Hirmaattonni marichaa akka jedhanitti, hojiileen cabiinsa dinagdee, hawaasummaafi siyaasa biyyattii wal'aanuuf raawwatamaa jiran gaariidha. Rakkooleen cabiinsa kana hordofsiisan baay'een waggoota dheeraaf gangalachaa waan dhufaniif ammayyuu xiyyeeffannaa addaa barbaadu. Rakkoolee gama dinagdee, hawaasummaafi siyaasaatiin mudatan furuuf yaaliin taasisamaa jiraatus rakkoon qaala'iinsa gatii daran dabalaa jira.

Abbootii qabeenyaa biyya keessaafi biyya alaa baay'inaan simachuun damee hojii garagaraa irratti hirmaatanii carraa hojii bal'aa akka uuman taasisuuf nageenya biyyattii mirkaneessuurratti xiyyeeffatamee hojjetamuu qaba. Haalli nageenya iddoo industirii mirkanaa'uu qaba.

Nageenya hojiirraa mirkaneessuun walqabatee keessumaa damee hojii konistiraakshiniif xiyyeeffannaa addaa argachuu akka qabuufi kaffaltiin hojjetoota industiriiwwan adda addaa keessaa hojjetaniis gadaanaa waan ta'eef walmadaalaa akka ta'uuf hojjetamuu akka qabu kaasu.

Haalli kenniinsa tajaajila liqiifi sassaabbii intarpiraayizootaafi kenniinsa sheediis hojii



Aadde Mufariyaat Kaamiil

xiyyeeffannaa addaa barbaaduu ta'uu kaasanii, intarpiraayizootaaf iddoo omishaafi gurgurtaa dhiyeessuu hojii ba'inaan itti adeemamuu qabuu ta'uu himu. Intarpiraayiziin tokko sheedii tokko waggaa shanii ol ittifayyadamuu waan hinqabneef asiratti to'annoofi hordoffii cimaan taasisamuu akka qabu eeru.

Dargaggoonni IMXn gurmaa'an baay'eensaanii hojii kan qaban, hoggantoota waliin firoomina ykn walitti dhufeenya gaarii kan qaban waan ta'eef asiratti iftoominni jiraachuu akka qabu eeranii, qarshii liqii intarpiraayizootaaf kenname sassaabuurrattis hanqinni waan mul'atuuf xiyyeeffannaa addaatiin irratti hojjetamuu kan qabuufi carraa hojii uumuun walqabatee rakkoon sadarkaa gadiitti waan hammaatuuf ministeerichi caasaasaa gara gadii sirriitti to'achuufi hordofuu qaba jedhu.

Intarpiraayizootaafi namoota hojjiisaaniitiin fakkeenyummaa gaarii qaban jajjabeessuufi beekamtiikennuufin barbaachisaata'uuhimani, miidiyaanis hojii fakkeenyummaasaanii warra biroof qooduurratti xiyyeeffatee hojjechuu akka qabu yaadachiisu.

Ministir De'eetaa Ministeera Hojiifi Ogummaa Obbo Nigusuu Xilaahun gamasaaniin akka jedhanitti, dhiyeessa tajaajila qarshii liqaarratti hanqinni ni jira. Akka qajeelfama Baankii Biyyaalessaatti, baankonni bu'aa waggatti argatanirraa dhibbantaa shan intarpiraayizootaaf liqeessuu qabu. Sheedii kennuun walqabatee rakkoo guddaa mul'ata. Intarpiraayizoonni gara abbaa qabeenyaa giddugeessaatti ce'anii utuu sheedii hidabarsiin waggoota 15 oliif ittifayyadaman ni jiru. Sheedonni tokko tokko ammoo dhimmoota biroof oolaa jiru. Kanaafuu miidiyaan rakkoolee kanneen ifa baasuurratti xiyyeeffatee hojjechuu qaba.

Sheedii kennuun walqabatee hoggantoonni hojii fakkeenyummaa gaarii qabu hojjetan akkuma jiran kanneen sheedota hinto'anneefi hinhordofne jiraachuu himanii, bulchiinsaafi dabarsa sheediirratti xiyyeeffannaan hojjechuu akka barbaachisu hubachiisu.

Dargaggoota gurmeessanii gara hojiitti galchuun walqabatee rakkoon, hoggantoota tokko tokko biratti kan mul'atu ta'uu himanii, hoggantoonni firummaan, sanyummaafi walbeekuun dargaggoota gurmeessanii hojiitti galchan waan jiraniif miidiyaan rakkoo gama kanaan jiru qoratee ifatti baasuu akka qabu yaadachiisaniiru. Gabaasni raawwii karoora hojii carraa hojii uumuun walqabatee dhiyaatus hanqina waan qabuuf dhimma xiyyeeffannaa addaatiin irratti hojjetamuu qabu ta'uus himaniiru.

AADAIFI AARTII

Seenaafi seenessa waloo, biyya hirmaannaa walootiin ijaaramteef

Bayyanaa Ibraahimiin

Sabni tokko akka afaan, aadaa, aartiifi seenaa mataasaa qabu eenyu birattiyyuu beekamaadha.

Afaan mallattoo eenyummaa saba tokkoo yemmuu ta'u, dabalataanis meeshaa riqicha ta'ee beekumsa dhalootaa gara dhalootaatti kan ittiin darbarsuudha. Hawaasni afaansaatiin dubbachuu, barreessuu, dubbisuu, qorachuu, walumaagalatti, ittiin hojjechuu yoo hindandeenye qaroomuus ta'ee aadaa, aartiifi seenaasaa galmessee dhaloota boriif dabarsuu hindanda'u.

Haata'u malee, sabni Oromoo waggoota hedduu darban keessa afaansaatti gargaaramee seenaasaa, falaasamasaa, aadaasaafi ogbarruusaa gabbifachuu, akkasumas, eenyummaasaa akka hinkabachiisifanne dhiibbaan kana hinjedhamne irraa gahaa tureera. Ummatichi otoo dhiibbaa mootummoonni abbaa irreefi sirnootni gonfoo irratti taasisaa turaniif hinjilbeenfatiin, beekumsa asiliisaa (indigenous knowledge) ittichee qabachuun wareegamawwan qaqaalii baasee har'aan ga'ateera.

Har'ammoo carraa argametti fayyadamuun dagaagina afaan, aadaa, seenaafi ogumaasaa dhugoomsuuf kallattiilee adda addaatiin tattaafataa kan jiru yemmuu ta'u, hayyoonniifi beektotni ilmaan sabichaa immoo aadaa, seenaafi afaan saba bal'aa waggoota hedduuf moggaatti dhiibamaa ture kana carraa amma jirutti fayyadamanii gara sadarkaa fooyya'aatti akka ce'uuf beekumsaafi muuxannoo horataniin deeggarsa taasisaa jiru.

Guddina afaan tokkoo kan murteessu haala inni keessatti tajaajila kennuudha. Fakkeenyaaf, afaanoni Ingiliziifi Faransaayi guddachuufi ogbarruu gabbataa qabaachuu kan danda'an sababa siyaas-dinagdeefi aadhawaasaatiini. Kana waliin, afaanoni kunniin biyyoota addunyaa baay'etti bal'inaan dubbatamu; afaan hojiis ta'nii tajaajilu.

Yeroo kamuurra yeroo ammaan tana dhimmi mirga afaan ofitiin fayyadamuu akkuma mirgoota ilmaan namaa birootti xiyyeeffannoo argataa jira. Afaan ofitiin eenyummaa ciimsachuu, mirga ofii fayyadamuun bu'uura waan ta'eef bu'aa ba'ii cimaa booda, dhaabbileen idiladdunyaa kanneen akka 'UNESCO' baroota 1980-1990 ummattoonni afaan dhalootaasani dhorkaa tokko malee akka fayyadaman hojiirra oolmaasaaf cichanii hojjechuu eegalan. Sanaan dura, bara 1953tti daa'imman afaan dhalootaasaniitiin akka baratan murtaa'ee inni ture baroota kanneen gidduutti cimee ittifufe.

Jaarraa 19ffaa irraa eegalee ummanni Oromoos mirga afaansaatti fayyadamuu gonfachuuf carraaqii gochuu eegale. Hojiileen ogbarruu Oromoos hayyootaan dadammaqee jalqabame barreessitoota Oromoo keessaa Onesmoos Nasiib Kitaaba Qulqulluu gara Afaan Oromootti jijjiiruudhaan seenaa haaraa galmeessise. Ittaansuun, Sheek Bakirii Saphaloo qubee haaraa (Qubee Saaphaloo) uumuun Afaan Oromoo ittiin barreessuuf carraaqii taasise.

Akkuma barri Dargii darbeen ummanni Oromoo afaansaatti fayyadamuu yemmuu eegalu, barreessitootni kanneen akka Gaaddisaa Birruu, Dhaabaa Wayyeessaa, Isaayyaas Hordofaa, Taklee Qinaaxxii,



Hirmaattota waltajjichaa keessaa

Kumsaa Buraayyufaa kitaabilee asoosamaa maxxansiisuu eegalan.

Galmeen jechootaa hedduunis namoota hedduutiin barreeffamanii argaman. Kana malee, yeroo ammaa sadarkaa daa'immanii kaasee hanga dhaabbilee barnootaa olaanaatti barnoonni ittiin kennamaa jira; waajjiraaleen mootummaa Naannoo Oromiyaa ittifayyadamaa jiru.

Gama kaaniinis kan xiyyeeffannoo argatee irratti hojjetamaa jiru tokko aadaa ummatichaa. Aadaa boonsaan ummatichaa dagatamee ture qorannoon irratti geggeeffamee galmaa'ee ta'uun daran barbaachisaadha. Kunis, jalqabbii gaariifi cimaa ittifufuu qabuudha.

Fakkeenyaaf, safuu hawaasaa, aadaawwan walddhabdee furuu, Irreechaa, Ateetee, Ingiccaa, Taaboree... yeroo ammaa qorannoon irratti geggeeffameefi barreeffamee dhaloonni akka yaadatuuf haaluma eegalameen xiyyeeffannaan ittifufee hojjetamuu qaba.

Kana qofa miti. Bu'aalee aartii kanneen akka afoolaa, asoosama dheeraa, asoosama gabaabaa, walaloo, diraamaa, bobbooca, ijaarsa, muuziqaa, meeshaa aadaa qoratamanii haala akkamiirra akka jiran ibsuun eegalameera. Sunis, cimaa ittifufee irratti hojjetamuu qaba. Kana malee, seenaan ummata Oromoo barreeffamee dhaloota dhufuuf olkaa'amu waan qabuuf qorattoonni dirree adda addaa xiyyeeffannoo itti kennuun waan gaaffii yeroo ta'eef, yeroo kamuurra irratti hojjetamaa jiraachuu Inistitiyuutiin Qorannoo Oromoos ni ibsa.

"Seena, afaanii, aadaafi artii Oromoo ragaan deggaree qorachuutti fuuleffatee kan hundeeffame Inistitiyuutichi Akkaadaamii Afaan Oromoo hundeesuuf gaaffiilee hayyoonni dhiheessaa turaniif deebii kenneera" jedhu Daarektarii Inistitiyuutichaa Obbo Dirriiba Tarrafaa.

Inistitiyuutichi erga hundaa'ee kaasee hanga ammaatti matadureewwan barbaachisoo ta'aniifi filatamaniratti qorannoo wwan gara garaa taasisaa jiraachuu kan himan Obbo Dirriiba, torbee Kora Qorannoo Oromoo marsaa 14ffaa mataduree, "Duudhaa keenya Ijaarsa biyyaatiif" jedhuun Adaamaatti gaggeeffameera. waltajjicharratti waraqaawwan qorannoo torba dhihaatee galteen sassaabameera jedhan.

Akka ibsaaniiti; guddinni aadaa, aartiifi seenaa qorannoo hayyootaatiin ala gabbisuun waan hin yaadamneef korri qorannoo yeroowwan gara garaatti gaggeeffamu kun dirree hirmaannaa

hayyootaa kan mijeesuudha. Mootummaan naannoo Oromiyaa jalqaba hundeeffama inistitiyuutichaa sirnaan hubachuudhaan hundeeffamnisaas akka si'atu taasisuu keessatti shooraa olaanaa kan bahatan yemmuu ta'u, kitaabileen akaakuu gara garaa afaan Oromootiin mootummaa naannichaatiin akka barraa'uufi dhaloota biraan gahuudhaan kutannoo afaaniifi seenaa, akkasumas duudhaa Oromoo guddisuuf qaban ifatti mirkaneessaniiru.

Inistitiyuutichi duudhaa, seenaa, afaaniifi aadaa qorannorratti hundaa'uudhaan gabbisee dhaloota ittaanuuf dabarsuuf hojjiwwan hojjachaa jiruun cinatti aadaafi seenaan ummanni Oromoo sabaafi sablammoota biyyattii waliin qabu akka cimuufti duudhaan Oromoo kun immoo haala ijaarsa biyyaatiif ta'uun akka irratti hojjatamuuf korri baranaa "duudhaalee keenya ijaarsa biyyaatiif" mataduree jedhuun akka gaggeeffamu taasifamuus Obbo Dirriibaan ni dubbatu.

Biyya cimtuufi hirmaannaa lammiilee biyyattii hundaan ijaaramte uumuudhaaf seenessa waloo qabaachuu murteessaa ta'u immoo waraqa qorannoo koricharratti dhiheessaniin kan mirkaneessan Hayyuun Seenaa Yunivarsitii Jimmaa Doktor Dheeressaa Dheebuu, akka carraa ta'ee garuu seenessi biyyattii kana keessatti yeroo dheeraadhaaf odeeffamaa ture sabootaafi sablammoota biyyattii hunda kan dhuunfatu osoo hin taane garee muraasa gara kaaba biyyattii jiran irratti kan xiyyeeffate ta'uu himu.

Akka yaadasaaniitti; seenaafi seenessi Itoophiyaa yemmuu ilaalamu rakkoo guddaan saboota kallattii kibbaa, bahaafi lixaa dhuunfachuu dhabuu qofa osoo hintaane, kallattuma kaabaattuu ummata bal'aa osoo hintaane, gosoota sanyii moototaa qofa faarsuufi isaan qofti akka waan biyya ijaaraniifi biyyaatiifis quuqamaniitti seenessaa kan tureedha.

Rakkoolee nageenyaa yeroo ammaa biyyattii iddoowwan gara garaatti mul'achaa jiran keessaa hammi tokko sababa seenaafi seenessa dogoggoraa sobaan uumamee yeroo dheeraaf odeeffamaa tureefi warroota seenessicha keessatti dagatamaniifi seenessasaanii uummachaa jiran gidduu waldura dhaabbannaa jiruun kan uumamaniidha.

Bakka seenaafi seenessi dhugaa hinjirretti biyya nagaafi tasgabbi horattee misooma amansiisaa mirkaneessitu uumuun ulfaataa ta'uu kan himan Doktor Dheeressaan, seenessa dogoggoraa sana sirreessuudhaan seenessa waloo uumu keessatti immoo

sirniifi duudhaan hammatummaa Oromoo iddoo olaanaa waan qabaatuuf ijaarsa biyyaatiifis gahee olaanaa bahachuu kan danda'u ta'uu ibsu.

Oromoon gaafa naga qofaa osoo hintaane, gaafa lolaas safuufi safeeffannaa mataasaatiin kan hoogganamu ta'uu waraqa qorannoo dhiheessaniin kan kaasan Gorsaafi Qorataan Yunivarsitii Naannoo Oromiyaa Obbo Leeliin Quuxoo, akka safuufi safeeffannaa Oromooti diinas ta'u nama tokko yeroo inni of dagatee ture rukutuun yookiin miidhaa irraan ga'uun safuu kana kan cabsu ta'uu ibsu.

Akka yaadasaaniitti; Lola namoota dhuunfaa keessattis ta'ee waraana garee lamaa gidduuti taasifamu kamuu keessatti Oromoon safuu lolaa yookiin waraanaa eeggachaatii lola.

Qaama loluunii barbaadde sana osoo inni of dagatee jiruu rukutuun aadmaleedha. Kanaaf dursitee "guyyaa akkanaatti qophaa'ee sitti dhufaa, atis qophaa'ii na eegi" jettee diina keetti dhaamteeti kan lola eegaltu malee ofiikeetii qophoofta nama osoo hin qophaa'in jiru 'daguu' rukutuun seera waraanaa Oromoo ganamaa keessatti safuu guddaadha.

Safuufi safeeffannaan Oromoon jaarraa hedduuf kan isaa godhatee ittiin bulaa ture sanatu har'a seera waraana Addunyaa jedhee as bahuu danda'e malee dur Oromoos ta'ee sabni biraa seera akkasii baree ittiin bulaa ture hin jiru.

Duudhaa seeraa bareedaa kana Oromoo irraa ergifattee Addunyaan har'a waraana biyyoota gara garaa gidduuti gaggeeffamus ta'ee biyya tokkotti qaamota walfalman gara garaa gidduuti gaggeeffamu kamiyyuu keessatti seerri darbamuu hin qabne fakkeenyaaf, waraana booji'an tokko ajjeessuun, nama harka kennate miidhuun, daa'immaniifi dubartootaa akkasumas namoota hin hidhanne miidhuun seera waraana kamiyyuu keessatti dhorkamaa akka ta'e tumamuu danda'eera.

Duudhaaleen Oromoon jaarraa hedduuf horate biyya keenya ittiin ijaaruu bira darbee haala kanaan seerota Addunyaa soroorsuufis tajaajilaa jiraachuu kan kaasan Obbo Leeniin, Oromoon Naga'aa waan beekuuf nageenyaafis ofirra darbee kan ollaasaatiif kan yaadu ta'uu dubbatu.

Yeroo ammaatti rakkoofi walitti bu'iinsi hammaachuudhaan nageenyi Addunyaraa badaa kan jiruufis sababa 'Naga'aa' dhibee waan hunda ofitti guuruufi ofittummaan hammaatteef akka ta'es ni ibsu.

Mirgi dubartootaa diimokiraasiin biyyoota lixaa nutti lallabullee isuma sirna gadaa keessatti Oromoon ittiin bulaa ture yemmuu ta'u, keessattuu biyya tokko keessatti nageenyi waaraa mirkanaa'ee misoomni akka jiraatuuf mirgootni dubartootaa sirnaan kabajamuu akka qaban sirna siinqeefi atetee dubartootaa keessatti sirnaan kaa'amuusaas ni ibsu.

Walumaagalatti; Oromoon duudhaa gabbataafi hammataa ta'ee biyyoota Addunyaa kamuu dursee jaarraawwan hedduuf ittiin of bulchaa kan ture yemmuu ta'u, duudhaaleen kunniin dhiibbaa sirnoota gita bittootaa jaarraa tokkoofi walakkaaf sabicha miidhaa turaniin laaffatus hanga har'aatti osoo hinbadin ittifufee dhalootaa har'aatiin deebi'ee lalisaa jiraachuun hundee gadi fagoo sirnichaa kan agarsiisuudha.

Abbaa Sa'aa

Karoora qindaa'aa ittifayyadama lafaa hojiirra oolchuun guddina dinagdee ittifufiinsa qabu mirkaneessuudha

Natsaannat Taaddasaatiin

Biiron Lafa Oromiyaa Karoora Qindaa'aa Ittifayyadama lafaarratti Kibxata darbe qooda fudhattoota waliin Finfinneetti mari'ateera. Saganticharratti qorannoon karoorichaa dhiyaatee hoggantoota sektaroota mootummaa naannichaafi federaalaatiin akkasumas hayyoota, qorattootaafi hoggantoota miti mootummaa garagaraa waltajjicharratti argamaniin marii bal'aan irratti adeemsifameera.

Qorannoon karoorichaa bajata mootummaan naannichaa ramade qarshii miiliyoona 300 oliin lafa heektaara miliyoona 37 irratti kan adeemsifame yoo ta'u, bara 2014 irraa eegalee godinaalee Oromiyaa filataman sadii keessatti hojiirra oolaa tureera. Karoorichi yeroo ammaa magaalotaafi aanaalee naannichaa keessatti hojiirra oolaa kan jiru ta'uufi gara fuulduraatti hojiirra oolmaasaa caalaatti babal'isuuf qindoominaan kan hojjetamu ta'uunis eerameera.

Hoogganaan Biiron Lafa Oromiyaa Obbo Guutaa Laachoree akka jedhanitti, lafti saba keenyaaf dinagdee, hawaasummaa akkasumas, jiruufi jireenyasaati. Lafti qabeenya murtaa'aa dabalammuu hindandeenyee yoo ta'u, qabeenya dhalootaa har'aafi boriiti. Qabeenya murtaa'aa kanatti sirnaan fayyadamu baannaan jiruufi jireenya hawaasaarrattis ta'e guddina dinagdeerratti dhiibbaa guddaa qaqqabsiisa. Biirichis kana hubachuun bulchiinsa lafaa ammayyeessuun miidhaawwan qabeenyichatti seeraan ala fayyadamuun qaqqaban hambisuuf hojiilee guguddoo raawwachaa tureera.

Bulchiinsaafi ittifayyadama lafaa ammayyeessuuf magaalota 41fi aanaalee 160 ol naannicha keessa jiran keessatti hojiin kaadaastara lafaa raawwatamaa jiraachuu himanii, hojiin kun weerara lafaa hambisuun bulchiinsa lafaa mirkaneessuu keessatti gahee olaanaa waan qabuuf cimtee kan itti fufu ta'uu himu.

Naannichatti ittifayyadama lafaa seeraan alaa hambisuuf hojiin bulchiinsasaa ammayyeessuufi karoora qindaa'aa ittifayyadama lafaa hojiirra oolchuu bal'inaan raawwatamaa jiraachuu himanii, faayidaa lafaarra argamu guddisuufi abbaan dhimmaa yeroo gabaabaa keessatti tajaajila barbaadu akka argatu taasifamaa jiraachuu akkasumas, tajaajilli lafaas teknolojiin deggaramee kennamaa jiraachuu himu.

Karoori qindaa'aa ittifayyadama lafa Oromiyaa waggoota kurnan darbaniif qoratamaa turuu kan himan hoogganaan kun, kanaanis lafti kam faayidaa kamiif ooluu akka qabu qoratamuufi lafti qonnaa, turizimii, investimantii, magaalaa, bineensaafi bosonaa, industiriifi qubannaaf oolu adda bahuu himu.

Akka ibsa Obbo Guutaatti, karoori bara 2014 irraa eegalee hojiirra oolaa kan jiru yoo ta'u, yeroo ammaa ammoo qooda fudhattoota waliin ta'uun hojiirra oolmaa karoorichaa magaalota, godinaalee, aanaaleefi gandoota keessatti babal'isuuf hojjetamaa jira. Akka biyyaatti imaammanni ittifayyadama lafaa jiraachuu baatus naannoon Oromiyaa karoora qindaa'aa



ittifayyadama lafaa naannolee biroofis ta'e, biyyattiif fakkeenya gaarii ta'u qopheeffatee hojiirra oolchaa jira.

Hawaasni karooricha fudhatee hojiirra oolchuurratti kaka'umsa gaarii agarsiisaa jiraachuu himanii, dhimmi lafaa nama hunda waan ilaallatuuf hundumtuu hojiirra oolmaa karooricharratti hirmaannaa olaanaa akka taasisuuf waamicha dhiyeessaniiru. Qonnaan bultoonnis seera ittifayyadama lafaa baafatanii hojiirra oolchaa jiraachuu kaasanii, hojiirra oolmaa karoorichaa caalaatti mirkaneessuuf deggarsa hayyootaa, qorattoota, yunivarsitootaa, sektaroota mootummaafi miti mootummaa murteessaa ta'uus eeraniiru.

Sadarkaa Pirezidaantii Ittaanaatti, Qindeessaan Kilaastara Baadiyyaa Oromiyaa Obbo Abdurraamaan Abdallaa gamasaaniin akka jedhanitti, lafti bu'uura jiruufi jireenya dhala namaafi lubbu qabeeyyii hundaati. Lafti qabeenya murtaa'aa faayidaa addaddaaf oolu, uumaan nu badhaasee yoo ta'u, misooma qonnaa, industirii, mana jireenyaa, iddoo bashannanaa, tajaajila hawaasummaa gara garaaf kanneen biroof ooluu ni danda'a. Filannoowwan ittifayyadama lafaa kunneen keessaa kan mancaatii lafaa hambisu ykn baay'ee xiqqeessu filachuun hojiirra oolchuun ykn ittifayyadamuun dirqama dhaloota har'aati.

Guddina dinagdee itti fufiinsa qabu mirkaneessuufi lammii keenya hiyyummaa keessaa baasuuf qabeenya lafaatti sirnaan fayyadamu barbaachisu himanii, kunis dhaloota har'aa qofa utuu hintaane kan boriis waan fayyaduuf qindoominaan irratti hojjetamuu akka qabu hubachiisu.

Lafa faayidaa har'a irraa argannu qofarratti yoo xiyyeeffannee fayyadamne bu'aa guddaa irraa argachuu dhabuu dandeenya kan jedhan qindeessaan kun, qabeenya lafaatti seeraan ala fayyadamuun qabeenya bosonaarrattis mancaatii guddaa qaqqabsiisa. Mancaatiin bosonaa ammoo jijjiiramni haala qilleensaafi balaa hongee qaqqabsiisa. Miidhaan jijjiirama haala qilleensaatiin mudatu dhaloota har'aa qofa utuu hintaane dhaloota boriis waan miidhuuf dhallooni har'aa qabeenya lafaatti sirnaan fayyadamu akka qabu dhaamaniiru.

Guddina dinagdee itti fufiinsa qabu galmeessisuufi jiruufi jireenya ummataa fooyyessuuf qabeenya lafaatti karooraafi

sirnaan itti fayyadamuun barbaachisaa ta'uu kaasanii, mootummaan naannichaa qabeenya lafaafi uumamaa kanaan dura manca'e deebisee misoomsuun dhaloota har'aas ta'e bori dachee magariisaafi jireenyaaf mijattuu taate dhaalchisuuf sagantaa ashaaraa magariisaatiin waggaa waggaa biqiltuuwwan biiliyoonaan lakkaa'aman dhaabuun kunuunsaa jiraachuufi waqtii bonaas hojiin misooma sululaa hirmaannaa ummataatiin raawwatamaa jiraachuu eeru.

Qisaasama qabeenya lafaarratti raawwatamaa jiru ittisuufi caaseffama lafaa bakka addaddaatti faca'ee ture bakka tokkotti fiduun bifa haaraan akka gurmaa'u taasifamuu himanii, dhimmi bulchiinsaafi itti fayyadama lafa magaalaa baadiyyaa jechuun rakkoo uumaa ture yeroo ammaa walitti dhufee giddugaleessa tokkoon akka hoogganamu ta'uu ibsu. Bulchiinsaafi ittifayyadami lafaa teknolojiin akka deggaramuufi hojmaannisaa akka fooyya'uuf hojiilee gurguddoon raawwatamus ni himu.

“Qabeenya lafaa Oromiyaan qabdu sirriitti beeknee akka itti fayyadamnuuf hojiin kaadaastara lafaa magaalaa baadiyyaatti hojiirra oolaa jira. Qabeenya lafaa qabnutti sirnaan fayyadamuun guddina dinagdee waaraa mirkaneessuuf mootummaan naannichaa bajata guddaa ramaduudhaan karoora qindaa'aa ittifayyadama lafaa qopheessee bara 2014 irraa kaasee hojiirra oolchaa jira. Karoorichi godinaalee sadii keessatti hojiirra ooluu eegales yeroo ammaa aanaalee naannichaa filataman 21 keessatti hojiirra oolaa jira” jedhu.

Dhimmi karoora kana hojiirra oolchuu dhimma sektara tokkoof dhiifamu utuu hintaane dhimma hirmaannaa qaamolee gara garaa gaafatu waan ta'eef milkaa'ina karoorichaa hundumtuu gahee isarraa eegamu bahachuu akka qabus yaadachiisaniiru. Qabeenya uumamaatti sirnaan fayyadamuun dhimma jiruufi jireenya dhaloota har'aa qofa utuu hintaane dhimma carraa dhaloota dhufuus murteessu ta'uusaa beekuun qindoominaan irratti hojjechuu akka barbaachisus dhaamaniiru.

Biiron Lafa Oromiyaatti, Qindeessaa Hojiirra Oolmaa Karoora Qindaa'aa Ittifayyadama Lafa Obbo Tasfaayee Kabbaddaa Gaazexaa Bariisaatti akka himanitti, qorannoon karoora qindaa'aa ittifayyadama lafaa

balaawwan guguddoo sababa ittifayyadama seeraan alaatiin qabeenya lafaarra gahu furuuf jecha kan adeemsifameedha. Bu'aa lafti kennuu qabu dhiifnee bu'aa biraaf oolchuudhaan qabeenyi lafaa biyyattii manca'eera. Akkuma biyyaattuu irra jireessi lafa qonnaaf ooluu Oromiyaa keessatti kan argamu yoo ta'u, giddugaleessa naannichaatti lafti qonnaa harkicaalu garuu sababa babal'ina magaalatiin miidhamaa jiraachuu eeranii, qabeenya lafaatti utuu seeraan fayyadamamee lafa miidhaaniitti akka hinbu'amneefi lafti ijaarsaafi industiriwwaniif ooluu qabu lafa miidhaan hinbaafne ta'uu qaba jedhu.

Qabeenya lafaatti seeraan fayyadamu dhabuun balaa guddaa biyyarraan gahaa jira kan jedhan Obbo Tasfaayeen, karoori qindaa'aa ittifayyadama lafaa kun rakkolee seeraan ala qabeenya lafaatti fayyadamuun gahu furuufi gara fuulduraattis akka hinmudanne ittisuuf gargaara. Karoorichi mancaatii qabeenya lafaarra gahe furuufi ittisuuf waan gargaaruuf hojiirra oolmaasaarratti hundumtuu hirmaannaa irraa eegamu bahachuu qaba.

Karoorichi bu'aa guddaa lafti kennu qoratee adda baasuun waan qophaa'eef hanga sadarkaa gandaatti gadi buufamee hojiirra oolaa jiraachuu himanii, ummanni karooricharraa ka'uun seera ofii akkaataa duudhaa aadaatiin tumatee karoora ittifayyadama lafaa kana hojiirra oolchaa jiraachuu himu. Ummanni qabeenya lafaa, bishaaniifi bosonaa waliin eeguufi kunuunsuun waliin irraa akka fayyadamu taasisuun kaayyoo karoorichaa isa guddaadha jedhu.

Akka qindeessaan kun jedhanitti, abbaan karoorichaa ummata; Karooricha hojiirra kan oolchus ummata. Gaheen mootummaa karoorichi akka hojiirra ooluu deggarsa ogummaa taasisuudha. Ummanni karooricha guutummaatti fudhatee hojiirra oolchaa jira. Qabeenya lafaa mancaafne deebisee misoomsuun dachee magariisaafi jireenyaaf mijatte dhaloota dhufutti ni dabarsina jechuun karooricha kaka'umsa olaanaan hojiirra oolchaa jira. Milkaa'inni hojii kana dhaloota har'aaf bu'aa guddaa dhaloota boriif ammoo abdi guddaadha.

Hirmaattonni waltajjichaas hojiirra oolmaa karoorichaa deggarsa barbaachisu hunda taasisuuf waadaa seenaniiru.

Dippiloomaasii...

walta'iinsa Dhaabbata Pireesii Itoophiyaafi Ministeera Dhimma Alaatiin qophaa'e Kamisa darberraa eegalee, Godaambaa Saayiinsii biyyaaleessaatti sagantaalee garaagaraan kabajamaa jira.

Marii paanaalii kaleessa adeemsifamerratti Yunivarsiitii Finfinneetti Hayyuun Seenaa Pirofeesaa Baaruun Zawudee waraqa qorannoo dhiyeessaniin akka jedhanitti, bara qarooma Aksum, keessattuu buufata doonii Aduulis kan bara sana maqaa gaarii qabutti fayyadamuun Itoophiyaan dippiloomaasii bu'a qabeessa adeemsisaa turte. Ta'us bara Mootii Zaaguwee qaroominni ajaa'ibsiisoon akka Laalibalaafaa hojjetamanis sochiin dippiloomaasii laafaa turuu dubbataniiru.

Itoophiyaan durii eegalte hariiroo dippiloomaasii taasiftu keessatti fedhiishee hanga hintuqamnetti loogummaa tokko malee biyya kamuu waliin hojjechaa turuu kaasanii, bara waraana fannoo jedhamuttis Awuurooppaanonni warra Islaamaa injifachuuf deeggarsa gaafatanis Itoophiyaan loogiinsa waan hinfeeneef callisuu filachuushee yaadachiisaniiru. Mootii Minilikiin dura hariiroon dippiloomaasii mootota qofarratti rarra'ee akka tureefi bara mootii Minilik garuu dhaabbataan hogganamuu sochii har'aaf ka'umsa ta'uu ibsaniiru.

Ambaasaaddar Qonjiit Sinagiyoorgis gamasaaniin akka jedhanitti, waraana Israa'eliifi Araboota gidduutti taasifamaa ture keessatti Israa'el deeggarsa Itoophiyaa feetus mootiin Hayilasillaasee ejjennoo walabaa qabachuun gartuu lameen waliin jaalalaan turuu danda'aniiru. Sirna kolonii kuffisuun walqabatee deeggarsi Itoophiyaan biyyoota Afrikaa garagaraaf taasifte olaanaadha. Ta'us osoo Itoophiyaan dhimma Afrikaarratti ejjennoo cimaa calaqqisiiftuu teessoon Gamtaa Afrikaa Finfinneedhaa gara biyya birootti akka jijjiiramuuf shiraafi qormaati qunnamee ture. Shirri kun bilchina dippiloomaasiin fashalaa'ee milkaa'inni Itoophiyaa labsame.

Itoophiyaan hariiroo dippiloomaasii gartuu qabachuun osoo hintaane fedhiishee tikfachuurratti fuulleeffate adeemsiisti kan jedhan ammoo Miscensa Mana Maree Bakka Bu'oota Ummataa Ambaasaaddar Diinaa Muftiiti. Itoophiyaa sagaleen Afrikaanota akka ol ka'u qabsaa'ota walabummaa Afrikaa qaruufti Paan Afrikaanizimiin akka cimii Afrikaanota waliin obbolommaan hojjechaa akka turtes dubbataniiru.

Haa ta'u malee, bara Dargii lola Somaaliyaa waliin taasifamerratti meeshaa dhiyeessuufiirratti waan rincaniif gara Ruusiyaatti fuula deebifachuuf dirqamuu eeranii, kunis imala dippiloomaasii biyyattii keessatti dhimma akka dogoggoraatti caqasamu akka ta'es ibsaniiru. Waraana ololaa booda waraanni Itiyoo-Eertiraa, walddhabbiin keessaa akkasumas waraanni TPLF waliin dhiyeenya taasifame deeggarsa Itoophiyaaf kennamuufi dippiloomaasiisheerratti miidhaa qabaatus ammaan tana hariiroo biyyattiin biyyoota lixaa waliin qabdu gaarii ta'uus himaniiru.

Itoophiyaan walabummaashee eeggachuuf aarsaa cimaa kaffalaa nageenya addunyaa tiksuuf ammoo biyyoota addunyaa 13 olitti loltoota nagaa eegan bobbaasuun maqaa gaarii horachuushee kan dubbatan ammoo Gorsaa Imaammata Alaa Ministira Muummichaa Ambaasaaddar Taayyee Asqasillaasee yoo ta'an, har'as taanaan dhimma hidhaa Laga Abbayyaa, Waraana Kaaba Itoophiyaafi ulaa galaanaarratti Itoophiyaan ejjennoo qabatteen milkaa'uunshee ibsaniiru.

Agarsiisa seenaa dippiloomaasii...

Bilisummaa Afrikaatiifis qabsaa'aa, bilisummaa mirga gurraachotaa Neelsan Maandeellaa leenjisuun, Gamtaa Afrikaafi Paan Afrikaanizimii hundeessuufi sochoosuun hojii yoomillee seenaan hindagannee hojjettee jirti.

Hojiilee boonsaa seenaa keessatti hojjetaman kana yaadachuuf biyyattiin torbee keessa jirru kana "Dippiloomaasii keenya faayidaa biyyaaleessaa keenyaaf" mata duree jedhuun hojiilee dippiloomaasii dhaloota hubachiisuurratti argamti.

Agarsiisicharratti haasaa baniinsaa kan taasisan Pirezidaantiin RDFI Saahilawarqi Zawudee akka jedhanitti, Itoophiyaan seenaa dippiloomaasii waggoota 116 kan qabdu yoo ta'u, gumaacha addunyaaf gooteenis waan maqaashee waamsisu hedduu qabdi.

Biyyattiin miseensa hundeessitoota Mootummoota Gamtoomaniifi Gamtaa Afrikaa ta'uu eeranii, agarsiisichi gama dippiloomaasiitiin hojiilee biyyattiin hojjechaa turte ifatti kan mul'isuudha

jedhaniiru.

Walwaraanuufi gootummaa abbootii keenya durii galmeessaniin dhaadachuu qofaan har'a dippiloomaasii milkaa'aa qabaachuun hindanda'amu kan jedhan Pirezidaanti Saahilawarqi, jaarraa 21ffaa jaarraa intalajansiin artifiishaalaa babal'ate kana keessatti dippilomaasii yeroo faana adeemu qabaachuunis barbaachisaa ta'uu hubachiisu.

Seenaa biyyattiin qabdurraa barachuun barbaachisaa ta'uufi ummanni seenatti yoo araame malee deemsa karaa fagoo deemuu akka hindandeenye kaasanii, kan seenaa dabsuufi haaluuf yaale bu'uurarraa waan raafamuuf dhaabachuu hindanda'u jedhu.

Ministirri Muummee Ittaanaafi Ministeerri Dhimma Alaa Itoophiyaa Obbo Dammaqaa Mokoonniin gamasaaniitiin akka jedhanitti, rakkoolee baroota keessatti nu mudachaa turan dandamachuun faayidaa biyyaaleessaa keenya kabachiisaa kan dhufnefi dhiibbaawwan yeroo dhiyoo keessa

nurratti taasifaman dandamachuu kan dandeenye gamtaa, tokkummaafi walooma keenyani. Dhiibbaawwan amma mul'achaa jiranis qolachuun faayidaa biyya keenyaa itti fufiinsaan eegsisuu kan dandeenyu tokkummaa keessoo cimsuudhani.

"Akkuma seenaarraa baranne, ammas akkuma argaa jirru jabina biyya keenyaa ija gaariin qaamotni ilaaluu hinbarbaanne jiru. Gaafa weeraramnu warri cal jedhan gaafa nuti dhugaarra dhaabannee faayidaa ummata keenyaaf hojjechuuf tarkaanfii tokko adeemuu jalqabnu iyyaafi dhiibbaa baay'isu. Dhiibbaawwan akkanaa kana jalaa bahuun injifachuuf Alfaafi Omeegaan keenya jabina keessoo keenyadha" jedhu.

Bu'uurri Dippiloomaasii cimaafi hariiroon alaa cimina keessoo fi walooma waan ta'eef gama hundaan Itoophiyaan injifattee akka itti fuutuuf rakkoolee keessoo kamuu yoo ta'e karaa filannoo humna fayyadamuurraa fagaateen furuun akka barbaachisu himanii, rakkoolee roga hundaan jiran karaa nagaa furuuf namni hunduu ambaasaaddara nageenyaa ta'uu akka qabu hubachiisu.

Ikoo Turizimii Wancii-Dandii pirojektii sadarkaa ...

Hojiin bu'uura misoomaa guddaan hojjetameera. Daandiiwwan kiiloo meetira 43, ibsaa daandiiirraafi dhiyeessii humnaa kiiloo meetira 35, riqicha meetira 72fi manneen barnootaa isaan muraasa jechuunis eeraniiru.

Dargaggoonni naannawichaa hojiilee misoomaa guguddoo qabatani dhuufuun fayyadamummaa dinagdee dhandhamachuu eegalaniiru. Hawaasni bal'aan naannichaas carraa fayyadamummaa guddaa argateera.

Pirojektiin Ikoo Turizimiin Wancii-Dandii sadarkaa biyyaatti akka fakkeenyaatti misooma turizimii ilaalamuudha jedhan.

Oduudhuma walqabateen pirojektiin Ikoo Turizimiin Wancii-Dandii sadarkaa biyyaatti akka fakkeenyaatti misooma turizimii ilaalamu ta'uu Ministirri Raayyaa Ittisa Biyyaa Doktor Abrahaam Balaay

beeksisan.

Doktor Abrahaam pirojektii Ikoo Turizimii Wancii-Dandii ilaalchisuun ibsa kennaniiru.

Pirojektichi gama hedduun fayidaa baay'ee kan qabu ta'uus eeranii; mootummaan qabeenya jiru haala damee turizimiif mijatuun misoomsuuf xiyyeeffannoo addaatiin hojjechaa jira jedhaniiru.

Keessumaa pirojektii Maaddii Biyyaatiin bakkeewwan filataman keessaa tokko pirojektiin ikoo turizimii Wancii tokko ta'uus himaniiru.

Naannawwaan Wancii-Dandii sochii ispoortii, bashannanaafi fayyaa akkasumas dhimmoota hawaas dinagdee biroof bakka filatamaa ta'uu eeraniiru.

Kanaaf pirojektiin ikoo turizimii Wancii-Dandii naannawwicha misoomsuu bira

darbee sadarkaa biyyaatti akka fakkeenya ta'uuf yaadamee kan hojjetameedha jedhaniiru.

Gara fuula duraattis pirojektichi misoomawwan biroo itti ida'uun faayidaa gama turizimiifi damee biroon qabu akka caalaatti guddachuu danda'u yaadamee kan qophaa'eedha jedhan.

Pirojektichi karaa aadaafi safuu hawaasa naannawwicha jiraatuu akkasuma qabeenya uumamaa eegeen hojjetamuu himaniiru.

Pirojektichi naannawwicha turizimiif mijataa gochuu qofa osoo hintaane rakkoo bu'uuraalee misoomaas kan fureedha jedhaniiru.

Naannawwichatti dargaggoonni gurmaa'uun damee 22 irratti leenjii fudhatanii gara hojiitti galuu ministirich himaniiru.

"Argamuun hulaa galaanaa yaaddoo waraanaa..."

galaanaa Itoophiyaaf dhimma ijoo ta'uus hubachiisan.

Dhimma kana ilaalchisee Kibxata darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaa waliin turtii kan taasisan Hayyuun Saayinsii Siyaasaa Yuunivarsiitii Finfinnee Doktor Saamu'el Tafarraa akka jedhanitti, wayita Doktor Abiyyi "Qajeeltoo kennanii fudhachuun Itoophiyaan hulaa galaanaa Eertiraa fayyadamuu qabdi" jedhan namoota baay'eetti gammachuu, baay'eetti ammoo yaaddoo uumeera. Waraanni golgoleessaaniifi diinummaan waggootan 20 oliis yaaddoo kanaaf ka'umsa ta'eera.

Akka nama hulaa galaanaafi dhimmoota kanaan walqabatan keessatti hirmaatuufi gorsa kennuutti kallattii Sudaan yoo ta'ellee malee ulaan galaanaa kallattii Sumaaleelaandiin ni argama yaada jedhu yeroof akka hin qabneefi hubannoon namoota baay'ees kanuma akka ta'e ibsaniiru. Hulaa galaanaa Sumaaleelaanditti fayyadamuun Itoophiyaa filannoo sirrii ta'uun alatti faayidaa roga maraa akka qabus hubachiisaniiru.

Somaaleelaandi waliin hojjechuun Itoophiyaa hulaa galaanaa qofa osoo hin taane humna galaanaa akka qabaattu taasisa jedhanii; haa ta'u malee, gama Eertiraan hulaa galaanaa argachuun danda'amuun akka hin yaadamneefi yoo yaadames hanga waraanaatti geessuu akka danda'u dubbataniiru.

Wayita Shororkeessitooonni akka Alshabaab, Huutiifi ISIS faa daboo wal affeeranii kallattii murteessaa kana keessattii sodaa dinagdeefi nageenyaa uumaa jiran kanatti ulaan galaanaa argamuun dinagdee qofa osoo hin taane nageenya Itoophiyaaf wabii ta'uu himanii; biyyi kunis biyya of dandeesse waan taateef cimaniin waliin hojjechuun barbaachisaadha jedhaniiru.

Akka isaan jedhanitti, Sumaaleelaandi bara 1960 kolonii Ingilizii jalaa ba'uun biyya birmadammaashee labsiteefi beekamtii biyyoota 35 olii gonfatteedha. Haa ta'umalee, guyyaa shan booda "Somaaliyaa guddoo ijaarra" yaada jedhuun Mooqaadishoo deemuun fedhiin Somaaliyaatti makamte.

Yeroo sana Somaaliyaan Kolonii Xaaliyaan jala turte. Turtii keessa rakkoon hedduun waan irra ga'eef bara 1991 Somaaliyaarraa bakka duraatti deebite.

Sumaaleelaandi duruu biyya of dandeesse waan turteef akka jedhamu Somaaliyaarraa adda foxxoqxe osoo hin taane bakkashee duraatti deebite kan jedhan Doktor Saamu'eel; hanga har'aatti biyyootni 20 ol biyya ta'uushee waan fudhatanii paaspoortii biyyattiin hawaasa biyyattii simachuu qofa osoo hin taane simatamaa jiru. Kanaafuu, biyya kanaaf beekamtii kennuurratti Itoophiyaan dursiteetti jechuun nama rakkisa.

Emireetiin Gamtaa Arabaa kanaan dura Sumaaleelaanditti buufata humna galaanaa wayita ijaarrate waci turuu yaadachiisani; yeroo dhiyoo keessatti Ameerikaanis waliigaltee buufata humna galaanaa hundeessuu mootummaa Sumaaleelaandi waliin akka taasiftu akeekaniiru.

Beeksisa

Abbootii Aksiyoona Industirii Qindaa'aa Aannan Elemtuu

Hundaaf

Waldaan Aksiyoona Industirii Qindaa'aa Aannan Elemtuu Yaa'ii Ariifachiisaa 8ffaa Mudde 23 bara 2015 taasifame irratti abbootiin qabeenyaa aksiyoona keessan dachaa lamaan guddifachuuf kanneen fedhii qabdan foormii qophaa'e irratti fedhii keessan akka beeksifan waamichi isinii taasifamuun isaa ni yaadatama. Haaluma kanaan abbootiin qabeenyaa muraasni foormii guutuun aksiyoona isaanii guddifataniiru. Boordii daayirektarootaa unka ibsa fedhii irratti abbootii qabeenya hin guutnefi akkasumas kanneen gahee isaanii guddifachuuf barbaadaniif carraa kennuufi aksiyoona hafu immoo abbootii qabeenyaa biroo miseensa waldichaa hin taaneef gurguruuf karoofateera.

Kanaan dura abbootii aksiyoona hanga yoonaa fedhii isaanii foormii guutuun hin beeksifneef carraa xumuraa kennuun aksiyoona isaanii akka guddifataniif murtaa'ee jira. Kana waan ta'eef aksiyoona dabalataa bitachuuf kanneen foormii ibsa fedhii irratti hin guunne hanga Amajjii 30 bara 2016ti qofaa Magaala Finfinnee Gamoo Gidduugala Gabaa Dambal Darbii 5ffaa Lakkoofsa Biiroo Waldichaa 507Cti argamuun foormii akka guutan kabaja olaanaan waamicha isinii dhiyeessina. Abbootiin Qabeenyaa aksiyoona isinii heyyamame bitachuuf hanga Amajjii 30 bara 2016ti fedhii keessan kan hin ibsine yoo ta'e Yaa'ii Ariifachisaa Abbootii Aksiyoona 8ffaa irratti ittigaafatamummaa boordiif kenname bu'uura godhachuun Aksiyoona gurguruu kan eegallu ta'uu isaa isin beeksifna.

Boordii Daayirektarootaa

Waldaa Aksiyoona Industirii Qindaa'aa Aannan Elemtuu

Beeksisa

Manni Maree Daldalaa fi Waldaalee Seektaraa Shaggar hojii oodiitii hojjechiisuuf ooditaroota alaa hojii kana hojjetan dorgomsiisee hojjechiisuu barbaada. Kanaafuu ogeessoni ulaagaalee armaan gadii guuttan dorgomuu ni dandeessu.

1. Heeyyama tajaajila hojii oodiitii kan qabu
2. Heeyyama hojii isaa kan bara 2016 kan haarsesse,
3. Muuxannoo manneen hojii ykn kaampaanota guguddoo waliin kan qabu,
4. Afaan Oromoo Dubbachuu, barreessuufi dubbisuu kan danda'u
5. Waggoottan lamaaf dhufee mana maree keenya waliin waligaltee uumee Hojjechuuf fedhii kan qabu,

Guyyaa beeksifni kun gaazexaadhan bahe irraa eegalee guyyoota walitti aananii jiran 5(shan) keessatti, sanadootaa fi ragaalee barbaachisoo orijinaalaafi waraabii isaa qabachuun Mana Maree Daldalaa fi Waldaalee Seektaraa Shaggar kan naannoo Calcalii ykn Saarbetitti argamu gamoo Ki-ab darbii 4ffaa biiroo rakkoofsa 5 tti galmaahun dorgomuu ni dandeessu.

Odeeffannoo dabalataaf

Lakkofsa bilbilaa 0113830001/2/3

0908577171 fayyadamuun ni danda'ama.

Mana Maree Daldalaa fi Waldaalee Seektaraa

Shaggar

Beeksisa

Falmii siivilii Iyyatuun Alimaa A/Jabal fi Waamamtuun Masarat Abbabaa gidduu jiru ilaalchisee Waamamtuun Masarat Abbabaa jedhamtu beellama gaafa guyyaa 15/5/2016 sa'a 5:00tti mana murtiitti dhiyaatee akka falmattu yoo kan hin dhiyaanne ta'e immoo bakka isheen hin jiretti falmiin gaggeefamee kan murtaa'u ta'uu isaa Manni Murtii Ol'aanaa Godina Jimmaa ajajeera.

Mana Murtii Ol'aanaa Godina Jimmaatti Garee Dhaddacha Siivilii

Oromiyaatti hojiin kaadaastara lafa...

guutuu akka argatan taasiseera jedhaniiru.

ooluu hubachiisaniiru.

Qonnaan bultoonnis waraqaa ragaa abbaa qabeenyummaa qaban akka wabiitti qabsiisuun liqaa mana baankii fudhachuun xaa'oofi tiraakteera akka bitatan taasisee jira. Horsiisa beeyiladaa ammayyaa'aa eegaluun dinagdeesaanii akka guddifatan gargaareera.

Haala kanaan liqin baankota irraa qonnaan bultoota naannichaaf hanga ammaatti kenname qarshii biliyoona lama ga'uu himanii; imaammata itti fayyadama lafaa dhabamuun rakkoo ijoo biirichaa ta'uu hubachiisaniiru.

Magaalota 41tti kaadaastarii hojiirra ooluu ibsanii; magaalota guutummaa guutuutti hojiirra ooletti weerara lafaa hambisuu keessatti shoora olaanaa taphachuusaa dubbataniiru.

Hoggaanaan Waajjira Lafaa Godina Arsii Lixaa Obbo Hasan Nuuree gamasaaniin, kaadaastarii aanaalee baadiyyaa godinichaatti hojiirra oolaa jira. Magaalaa tokko (Nagellee Arsii), aanaalee baadiyyaa magaalotaafi sadiitti hojiirra

Argamaa lafaafi qabbiyee eenyuu akka ta'e adda baasuuf Kadaastarii meeshaa lafa ittiin bulchan filatamaa ta'uu himanii; hojii hanga ammaatti godinichatti hojjetameenis galiin magaalichaa akka guddattu taasisaa jira jedhaniiru. Abbootiin qabeenyaa lafa isaanii kaadaastaraan galmeeffatan miira abbaa qabeenyaumaa isaanitti dhaga'amurraa ka'uun misooma lafaa irratti akka hirmaataniif shoora olaanaa taphateeras jedhaniiru.

Sadarkaa pirezidaantii ittaanaatti qindeessaan kilaastara baadiyyaa Obbo Abdurahamaan Abdallaa jirenya dhala namaa mijeessuuf qabeenyi lafaa murteessaadha. Lafti madda ikoo turizimii, indastirii, qonna, tajaajila hawasummaafi kkf barbaachisaa ta'uu himanii, dhaloota ittaanutti dabarsuuf mancaatii qabeenya lafaa hambisuun barbaachisaadha. Mootummaan bulchiinsaafi ittifayyadama lafaa ammayyeessuun karoora qindaawaa ittifayyadama lafaa hojiirra oolchuuf xiyyeeffannaa ittikennuun hojjechaa jiraachuu ibsaniiru

Lammiileen miliyoona 71 ol tajaajila...

tajaajila yeroo dheeraa kennuu dhabuu qeeqaniiru.

Akka karoora pirojekitichaatti lammiilee kuma 800f tajaajila bishaan dhugaatii qulqulluu dhiyeessuun irraa eegamus lammilee kuma 224 fi 359f tajaajila bishaan dhugaatii qulqulluu akka argatan taasisuus kaasaniiru.

Ittaantuu Ittigaafatamtuun Waajjira Bulchiinsa Godina Shawaa Bahaa Aadde Faanos Isheetee 'water 4 life +Project' hawaasa aanichaaf hojii bu'a qabeessa raawwachuun eeranii, boolla bishaanii 62

qopheessuuf karoorfame keessaa 55 hojii eegaluun 24 tajaajila bishaan dhugaatii dhaabbilee fayyaa fi banootaa keessatti akka dhiyaatu ta'eera jedhaniiru. Soolarii 31 tajaajila akka kennu taasisuunis manneen barnootaa keessatti (tajaajii kompiitara) dhaabbilee fayyaa (firijjii) akka fayyadaman taasisuu keessatti bu'aan argame guddaa ta'uu dubbataniiru.

Ta'us rakkoo hinbeekamneen hojiin boolla bishaanii 17fi soolaariin 31 osoo hinxumuramiin hafuu himanii, mariin gaggeeffame kun rakkoo kana furuuf shoora olaanaa qabas jedhaniiru.

Omisha qamadii bonaatiin callaa...

baayyee dabalaa jiraachuu kan himan Obbo Xahaan, bara kanatti hojii qophii lafaaf tiraakitarootni kumaafi 500 ol ta'an bobba'uu himu. Yeroo sassaabbiin ga'uuttis koombaayinara hedduu fayyadamuun akka muuxannooti fudhatamuu ibsaniiru.

Dhaabbata sanyii filatamaa Oromiyaa akkasumas, karaa yuniyeeniifi qonnaan bultootaan sanyii waan qophaa'uuf rakkoon sanyii filatamaa akka hinjirre himanii, gama mootummaan kuntaalli kuma 100 ol ta'u raabsamuu ibsaniiru. Xaa'oo kuntaala miliyoona tokko buleefi ofeeggaannoof taa'e jiru kuntaala kuma 102 raabsuun qonnaan bulaa akka qaqqabu ta'eera. Gama kanaan rakkoon mudates hinjiru jedhaniiru.

Haaluma kanaan bara kanatti qamadii bonaa hektaara miliyoona 2.6 facaasuuf

karoorfamee keessaa hojii hanga ammaatti hojjetameen lafti hektaara miliyoona 2.78 (%105.8) qophaa'uu eeranii, lafa qophaa'e keessaa hektaarii miliyoona 2.715 (%103.3) sanyiidhaan uwwifamuufi lafti hinfaca'iin hafes baay'ee muraasa akka ta'e ibsaniiru.

Dhibee omisha qamadii bonaa mudachuu danda'an hambisuun callaan qamadii bonaa akka dabaluu taasisuuf biirichi garee ogeessaa orenteeshiniin kennuun bobbaasaa akka jiru ibsaniiru.

Qonna qamadii bonaa bara darbee hektaara miliyoona 1.1 irraa gara hektaara miliyoona 2.7tti guddachuusaa ibsa biiricharraa hubachuun danda'ameera. Qophiin jiruufi hojiin qonna qamadii baranaa dursee eegalamuun fooyya'iinsa hojii bara kanaaf sababa ta'eera jedhaniiru.



Waancaan kubbaa miilaa Afrikaa har'a eegalama

Tashoomaa Qadiidaatiin

Finfinnee: Waancaa Addunyaatti aanee daawwatoota kubbaa miilaa Afrikaa biratti hawwii olaanaadhaan kan eegamu waancaan Afrikaa 34ffaan sirnaa miidhagaadhaan waaree boddee banamuuf sa'aatii muraasatu isa hafa.

Wancaa kubbaa miilaa yeroo lammaffaadhaaf kan keessumeessitu Kootdiivaar qophii isheerree eegamu mara xumuruudhaan keessummoota ishee simattee keessummeessa jirti.

Dargaggoota Afrikaa urjiwwan gaaddisa tokko jalatti walitti qabuudhaan dirreewwan Kootdiivaaritti kan walitti fide taphni waancaa kubbaa miilaa Afrikaa kun kanneen kanaan dura adeemsifaman caalaa qophii olaanaadhaan adeemsifama jedhamee eegama.

Haaluma kanaan waancaa baranaa kanarraatti dargaggonni pirofeeshinaalota Afrikaa kanneen kilaboota ciccimoo Awurooppaaf taphatan waan hirmaataniif jaalattooni kubbaa miilaa Afrikaa ta'u kan biyyoota adda adda hawwii olaanaadhaan eegamaa jiru.

Gareewwan 24 ramaddii jahatti adda qoodamuudhaan kan irratti wal falman waancaan kubbaa miilaa Afrikaa baranaa kun Amajjii 4 hanga Guraandhala 6 bara 2016 istaadiyoomota Kootdiivaar jaha keessatti akka adeemsifamus beekameera.

Shaampiyoonichi har'a kan banamu ramaddii tokkoffaarraa qopheessituun waancaa Kootdiivaariifi Naayijeeriyaa jidduutti adeemsifamuun akka ta'us sagantaan koree wal dorgommii Konfedereeshina kubbaa miilaa Afrikaa baase ni ibsa.

Walmorkiin guyyaa guyyaadhaan kan adeemsifamu yoo ta'u borus itti fufuudhaan ramaddii lammaffaarraa Misiriifi Mozaambik, Gaanaafi Keepvaardi ni taphatu. Iftaan ammoo ramaddii sadaffaarraa Senegaaliifi Gaambiyaan, Aljeeriyaafi Angoolaan ni taphatu.

Wancaa baranaa kanarratti biyyoota



Garee kubbaa miilaa Kootdiivaar



Garee kubbaa miilaa Naayijeeriyaa

hirmaatan keessaa kanaan dura shaampiyooni ta'uudhaan kan beekaman Misir, Kaameeruun, Gaanaa, Naayijeeriyaa, Aljeeriyaafi qopheessituun waancaa Kootdiivaar, Riipaabilikiin Dimokiraatikii Koongoo, Zaambiyaan, Tuuniiziyaan, Senegaaliifi Morookoon waan argamaniif taphichi hawwii guddaan akka eegamu isa taasiseera.

Keessumattuu waancaa kubbaa miilaa Afrikaa kanaan dura adeemsifaman 33n irratti hirmaachuudhaan yeroo torbaaf shaampiyooni kan taate Misir waancaa baranaa kanas yeroo saddeettaffaaf mo'achuudhaan ni fudhatti tilmaamni jedhus jira.

Akkasumas dargaggootaan kan ijaaraman gareewwan Kaameeruun, Gaanaa, Naayijeeriyaafi Kootdiivaar gamasaaniitiin akka laayyootti waancaa kana gadi hin lakkisan jedhamaa jira.

Wancaa baranaa kana daawwachuuf keessummoonni biyyoota adda adda, tuuristoonni, miidiyaan akkasumas leenjistoonni kilaboota Awurooppaa taphattoota filachuuf duraan dursanii gara Kootdiivaaritti imalaniiru.

Luusiiwwan har'a falmii maahessaa jalqabu

Tashoomaa Qadiidaatiin

Finfinnee: Dubartoonni umrii 20 gadii kan irratti hirmaatan Walmorkiin Waancaa Kubbaa Miilaa Dubartootaa Addunyaa 11ffaan Kolombiyaatti adeemsifamuuf ji'ota muraasatu hafa.

Walmorkii kanarraatti kanaan dura gareewwan kubbaa miilaa biyyoota 16 qofti hirmaachaa kan turan yoo ta'u, baranaa kaasee biyyoonni 24 ramaddii jahatti qoodamuun hirmaatu.

Walmorkii kanarraatti Afrikaa bakka bu'uuf biyyoonni 35 taphawwan gulaalaa taasifatanis sadarkaa sadarkaadhaan harca'uudhaan biyyoonni jaha qofti hafaniiru.

Itoophiyaafi Morookoo dabalate Seeneegaal, Gaanaa, Misiriifi Kaameeruun har'arraa eegalanii walmorkii dhaqaaf deebii taasifachuun biyyoonni afran qabxii gaarii argatan Afrikaa bakka bu'uudhaan gara Kolombiyaatti qajeelu.

Gareen dubartoota Itoophiyaas (Luusiiwwan) tapha dhaqaaf deebii har'aa kaasee Morookoo wajjiin taasifachuuf tibbana magaalaa Raabaat galaniiru.

Taphatoota 22 of keessatti kan hammatu gareen dubartoota Itoophiyaa kun guyyoota 23 qofaaf qophii taasisuun gara Raabaatitti deemaniiru.

Haata'u malee, turtii isaa kana keessatti dirree kubbaa miilaa ganda 35fi Istaadiyoomii Finfinneetti shaakala cimaa taasifachusaa leenjisaan garichaa Fireew Hayila Gabreel tibbana ibsa gaazeexeessitootaaf kenneeniin mul'saniiru.

Taphattonni garee kubbaa miilaa dubartootaa Itoophiyaa kanaan dura gareewwan Ikuwaatoraal Giiniifi Maalii mo'achuudhaan tapha kanaaf qaqqabuusaanis leenjisaan kun addeessaniiru.

Qaama cimaa, sammu ifaafi onnee guutuudhaan taphachuuf gara Morookootti kan imale gareen kun waan isarraa eegamu maraa raawwachuun qabxii gaarii galmeessisee deebi'uf qophii olaanaa gochusaas ibsameera.

Taphatoota pirofeeshinaaloota kilaboota Awurooppaatiin kan ijaarame gareen kubbaa miilaa Morookoo cimaa ta'us Luusiiwwan tapha dhaqaaf deebitti mo'achuun seenaa galmeesisuudhaan gara Kolombiyaatti qajeeluuf qophaa'usaaniis himaniiru.

Dorgommiin Qaxxaamura biyyoolessaa boru adeemsifama

Tashoomaa Qadiidaatiin

Finfinnee: Dorgommiin Qaxxaamura Biyyoolessaa 41ffaan bor ganama sa'aatii 12:00 irraa kaasee Jaanmeedaatti akka adeemsifamu ibsame.

Ittigaafatamaan Waajjira Federeeshinii Atileetikii Itoophiyaa Obbo Yohaannis Ingidaa ibsa dheengada gaazeexeessitoota ispoortiif kennaniin akka jedhanitti, dorgommii baranaa kanarraatti Itoophiyaa dabalatee biyyoonni ollaa Keeniyaa,

Sudaaniifi Sudaan Kibbaa ni hirmaatu. Dorgommii qaxxaamura biyyoolessaa Jaanmeedaa kun akkuma kanaan duraa sadarkaa adda addaatiin kan adeemsifamu ta'uu himanii, atileetonni beektonni dhiiraafi dubaraan, dargaggonni dhiiraafi dubaraa akkasumas atileetonni hangafooni umurii 50 gadifi 50 olii dorgommicharratti ni hirmaatu. Akkasumas naannooleen shan, bulchiinsa magaalaa tokko, kilabootaafi dhaabbilee 25 irraa walumaagalatti atileetonni 956 dorgommicharratti qooda

kan fudhatan ta'uu eeraniiru.

Dorgommiin Qaxxaamura Biyyoolessaa Jaanmeedaa kun atileetota Itoophiyaa bakka bu'anii Dorgommii Qaxxaamura Biyyaa Afrikaa Guraandhala 25 bara 2024 Tuniziya Magaalaa Tunizitti adeemsifamuufi Dorgommii Qaxxaamura Biyyaa Addunyaa kan Bitootessa 30 bara 2024 magaalaa guddoo Sarbiyaa, Beelaarusitti adeemsifamurratti hirmaatan filachuuf kan gargaaru ta'uus eeraniiru.